

**Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Lakkoofsa 250/2015**

Magaalota Naannichaa keessatti hojimaataafi kenniinsa tajaajilaa si'ataa, bu'a qabeessaafi haqa qabeessa ta'e diriirsuufi ammayyeessuun magaalonna dorgomaa, hawwataafi haala yeroo wajjiin walsimuun ittifufiinsa misoomaa akka deeman taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Magaalonna Naannichaa carraa misoomaafi investmentii hawwachuuf qaban karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuun giddugala misoomaa, industirii, qonna magaalaa, teknoolojiifi qunnamtii odeeffannoo, turizimiifi daldalaa akka ta'aniifi akkaataa seenaa, aadaafi duudhaa Ummata Oromootiin misoomanii guddina Naannichaa mirkaneessuun jiruufi jireenya dhala namaaf mijataa akka ta'an taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Mirga ummanni akkaataa Heera Mootummaatiin ofiin of bulchuuf qabu magaalota keessatti karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf gurmaa'insa, hojimaata, aangoofi hojii magaalota Naannichaa qajeeltoowwan dimokiraasiifi bulchiinsa gaarii akkasumas kallattii misoomaafi guddinaa mootummaan yeroo ammaa qabatee jiru wajjiin karaa walsimuun Labsii duraan ture irra deebiin fooyyessuun waan barbaachiseef;

Magaalotaafi gandoota baadiyyaa naannawa magaalotaatti argaman bu'uuraalee misoomaatiin walitti hidhuun fayyadamummaafi hirmaannaa ummanni magaalaafi naannawa magaalaa, keessumattuu, fayyadamummaafi hirmaannaa qonnaan bulaafi horsiisee bulaan gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin qaban mirkaneessuuf haala mijeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun “**Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 250/2015**” jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) “**Aanaa Magaalaa**” jechuun gurmaa'insa magaalaa sadarkaa Magaalota Meetroopoolisiifi Riijiyoopoolis keessatti Kutaa Magaalaatti aanee qaama gurmaa'u ta'ee, Mana Maree, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii Hawaasummaa qabaachuun kan hundeeffameefi sadarkaa magaalota kanaatti caasaa bulchiinsaa magaalaa isa jalqabaati.
- 2) “**Biiroo**” jechuun Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaati.

- 3) **“Bulchaa”** jechuun abbaa aangoo ol’aanaa qaama raawwachiisaa Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Bulchiinsa Gandaati.
- 4) **“Bulchiinsa Ganda”** jechuun gurmaa’insa magaalaa sadarkaa Magaalota Muummee keessatti Kutaa Magaalaatti aanee yookiin Magaalota Ol’aanaafi isaa gadi jiran keessatti Bulchiinsa Magaalaatti aanee gurmaa’u ta’ee, Mana Maree, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii Hawaasummaa Ganda qabaachuun kan hundeeffameefi caasaa bulchiinsaa Magaalaa isa jalqabaati.
- 5) **“Bulchiinsa Magaalaa”** jechuun magaalaa qaamni seerummaa kennameef ta’ee, Mana Maree mataa isaa, Mana Maree Bulchiinsaafi qaama aangoo abbaa seerummaa kan qabu ta’ee, Magaalota sadarkaa Meetroopoolis, Riijiyopoolis, Muummee, Ol’aanaa, Giddugaleessaafi Guddattuutti hundeeffameedha.
- 6) **“Caffee”** jechuun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa bu’uura Heera Naannichaa Fooyya’ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 46 (1) tiin hundeeffameedha.
- 7) **“Dambii Kabachiisaa”** jechuun aangoon qaama seera kabachiisaa biroof seeraan kenname akkuma eegametti ta’ee, aangoo magaalotaaf kenname ilaalchisee qaama seera kabachiisuuf hundeeffameedha.
- 8) **“Heera”** jechuun Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya’ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 ti.
- 9) **“Hoji-gaggeessaa Magaalaa”** jechuun raawwachiisaa tajaajiloota mana qopheessaa magalaati.
- 10) **“Hojii Mootummaa”** jechuun hojiiwwan seektaroota mootummaatiin bulchiinsa Magaalaa keessatti hojjetamaniidha.
- 11) **“Kantiibaa”** jechuun abbaa aangoo ol’aanaa qaama raawwachiisaa Bulchiinsa Magaalaati.
- 12) **“Kutaa Magaalaa”** jechuun gurmaa’insa magaalaa, magaalota sadarkaa Meetroopoolis, Riijiyopoolisiifi Muummee keessatti Bulchiinsa Magaalaatti aanee gurmaa’u ta’ee, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii sadarkaa Aanaa qabaachuun kan hundeeffameedha.
- 13) **“Magaalaa Meetroopoolis”** jechuun magaalaa guddaa giddugala diinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi aadaa ta’uun daldalaafi qunnamtiiwwan idil-addunyaa taasifamu keessatti gahee ol’aanaa qabuufi akkaataa Labsii kanaatiin sadarkaa magaalota Naannichaa keessaa isa ol’aanaa ta’eedha.
- 14) **“Magaalaa Riijiyopoolis”** jechuun kallattiiwwan adda addaatiin giddugala misoomaa ta’uun magaalonna naannawa isaa jiran akka guddatan kan gargaaruudha.
- 15) **“Magaalaa”** jechuun magaalaa qaamni seerummaa magaalummaa kennameefiidha.
- 16) **“Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo”** jechuun qaama raawwachiisaa ol’aanaa Bulchiinsa Mootummaa Naannichaati.

- 17) **“Mana Maree Bulchiinsaa”** jechuun qaama raawwachiisaa ol’aanaa sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa, Kutaa Magaalaafi Aanaa Magaalaa yookiin sadarkaa Bulchiinsa Gandaatti hundeeffameedha.
- 18) **“Mana Maree”** jechuun qaama bakka bu’aa ummataa ta’ee sadarkaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Gandaatti filannoo ummataatiin hundeeffameedha.
- 19) **“Mana Murtii”** jechuun mana murtii idilee sadarkaa Bulchiinsa Magaalaafi Kutaa Magaalaatti hundeeffamu ta’ee, dhimmoota manneen murtii idileetti ilaalamaniifi dhimmoota Magaalaa irratti qaama aangoo abbaa seerummaa qabuudha.
- 20) **“Naannoo”** jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 21) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefiidha.
- 22) **“Tajaajila Mana Qopheessaa”** jechuun tajaajila bishaaniifi dhangala’aa, ijaarsaafi suphaa daandii, ittisa balaa ibiddaafi balaa tasaa, misooma lafa magaalaa, qulqullinaafi miidhagina Magaalaa, tajaajila idilee jiraattotaaf kennamaniifi tajaajila biroo magaalichi murteessu dabalatee magaalichaan kennamaniidha.
- 23) **“Tumaa Magaalaa”** jechuun seera dirqisiisaa sadarkaa bulchiinsa magaalatti bahuun magaalicha keessatti kan hojiirra ooluudha.
- 24) **“Waldaa Magaalaa”** jechuun waldaalee magaalonna qaama seerummaa qaban walitti dhufanii faayidaa misoomaa walootiif hundeeffataniidha.

### 3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun Magaalota Naannichaa qaamni seerummaa kennameef kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### 5. Qajeeltoowwan Bu’uuraa Magaalotaa

Magaalaan Naannichaa kamiyyuu qajeeltoowwan bu’uuraa armaan gadii hordofuu qaba:

- 1) Misooma intarpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa, investmentiifi industirii magaalicha keessatti babal’isuun diinagdee magaalichaa guddisuun hojii dhabdummaan akka hir’atu taasisuu;
- 2) Pilaaniin magaalichaa misooma waloo magaalichaafi baadiyyaa naannoo magaalichaa kan saffisiisuu danda’u, fayyadamummaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaa kan mirkaneessu, lafaafi qabeenya biroo qusannoon fayyadamuu kan dandeessisu, sochiiwwan misooma hunda-galeessaa kan saffisiisu, akkasumas misooma hirmaachisaafi ittifufiinsa qabu fiduu kan dandeessisu ta’uu isaa mirkaneeffachuu;
- 3) Lafaafi qabeenya biroo daangaa magaalichaa keessatti argamu akkaataa seeraafi bu’uura pilaaniitiin qusannaafi sirnaan ittifayyadamuu;

- 4) Manni jireenyaa sadarkaa isaa eeggate gatii madaalawaan jiraattotaaf akka dhiyaatu xiyyeeffannaan hojjechuu;
- 5) Magaalicha keessatti dhiyeessii bu'uuraa'ee misoomaafi kenniinsa tajaajilaa qindaa'aafi walitti hidhamiinsa qabu guddisuun bulchiinsi gaariifi ittiquufinsi jiraattotaa akka mirkanaa'u hojjechuu;
- 6) Misoomni Magaalichaa afaan, seenaa, aadaa, duudhaafi safuu Ummata Oromoo giddugaleessa kan godhate ta'uu;
- 7) Maddoota galii magaalichaa babal'isuun galii baasiiwwan magaalichaa uwwisuufi guddina Naannichaa utubuu danda'u walitti qabuu;
- 8) Qulqullina, magariisummaafi hawwatummaa magaalichaa guddisuudhaan magaalichi jiruufi jireenya dhala namaatiif mijataa akka ta'u hojjechuu;
- 9) Kutaalee hawaasaa jireenya gadi aanaa jiraatan wabii nyaataa isaanii mirkaneessuufi hiyyummaa keessaa akka bahan xiyyeeffannoon hojjechuu;
- 10) Sirna hooggansa jijjiiramaa magaalicha keessatti hojiirra oolchuufi humna namaa dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun gaggeeffamuu;
- 11) Haala magaalichaa dursee adda baasuun tarkaanfiiwwan saaxilamummaa rakkoolee kanneen akka dhiibbaa naannoo, diinagdeefi hawaasummaa dandamachiisuu dandeessisan hojiirra oolchuun magaalichi dandamataa, hammataafi naga-qabeessa akka ta'u taasisuu.

### **Kutaa Lama**

#### **Hundeeffama, Sadarkaa, Aangoofi Hojii Magaalotaa**

#### **6. Sadarkaafi Ittiwaamama Magaalotaa**

- 1) Magaalonna Naannichaa sadarkaa guddinaa irra gahaniifi ulaagaalee biroo Labsii kanaafi Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun murtaa'an irratti hundaa'uun sadarkaalee armaan gadii kan qabaatan ta'a:
  - (a) Bulchiinsa Magaalaa Meetroopolis;
  - (b) Bulchiinsa Magaalaa Riijiyoopolis;
  - (c) Bulchiinsa Magaalaa Muummee;
  - (d) Bulchiinsa Magaalaa Ol'aanaa;
  - (e) Bulchiinsa Magaalaa Giddugaleessaa;
  - (f) Bulchiinsa Magaalaa Guddattuu;
  - (g) Magaalaa Mana Qopheessaa;
  - (h) Magaalaa Mana Qopheessaa Guddattuu.
- 2) Ittiwaamamni Magaalota Meetroopolis, Riijiyoopolis, Muummeefi Ol'aanaa Mana Maree Magaalichaafi Mootummaa Naannichaatiif ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Magaalaa Giddugaleessaafi Guddattuu Mana Maree Magaalichaafi Bulchiinsa Godinaatiif ta'a.

- 4) Ittiwaamamni Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu Bulchiinsa Aanaatiif ta'a.
- 5) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti sadarkaafi ittiwaamama magaalaa haala addaatiin murteessuu ni danda'a.

#### **7. Magaalota Naannichaa Sadarkeessuu**

- 1) Magaalonna Naannichaa ulaagaalee armaan gaditti tumaman irratti hundaa'uun sadarkaan kan kennamuuf ta'a:
  - (a) Galii magaalichi sassaabu;
  - (b) Baay'ina ummataa;
  - (c) Bal'ina lafa magaalichaa;
  - (d) Giddugaleessummaa diinagdee, daldalaafi hawaasummaa ta'uu;
  - (e) Babal'ina bu'uuraalee misoomaa magaalichaa;
  - (f) Qulqullina, magariisummaafi hawwatummaa magaalichaa;
  - (g) Gahumsa magaalichi saffinaan guddachuuf qabu;
  - (h) Giddugaleessummaa teessoo bulchiinsaa ta'uu; fi
  - (i) Baay'ina dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa magaalicha keessatti argamaniifi giddugaleessummaa sochii investmentii hawwachuuf qaban.
- 2) Ulaagaaleen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumaman jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa haala addaatiin sadarkaa Magaalaa murteessuu yookiin ulaagaa madaallii sadarkaa magaalotaa dabalataa baasuu ni danda'a.
- 3) Guddinni sadarkaa Magaalotaa Labsii kana Keewwata 6 Keewwata Xiqqaa 1 (a-g) tti tarreeffaman kan kennamu Biiron dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yoo murtaa'e qofadha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, guddinni sadarkaa Magaalaa Mana Qopheessaa Guddattuu irraa gara Mana Qopheessaatti taasifamu Waajjira Misooma Magaalaafi Manneenii Godinaatiin dhiyaatee Biiron kan mirkanaa'u ta'a.
- 5) Biirichi gandoota baadiyyaa amala magaalummaa qabaatanii ulaagaalee magaalummaa osoo hin guutin hafan akkasumas magaalota teessoo Aanaa ta'uun tajaajilaa jiraniifi ulaagaalee magaalummaa Labsii kana keessatti tumaman hin guunne akka Magaalaa Mana Qopheessaa Guddattuutti lakkaa'uun qaama serummaa kennuu ni danda'a.
- 6) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa qorannoo Biiron gaggeessu irratti hundaa'ee sadarkaa magaalota Naannichaa murteessuun deeggarsa taasifamuu qabu addaan baasuun haala deeggarsi itti taasifamu kan murteessu ta'a.
- 7) Magaalaan kamiyyuu ulaagaawwan bahan irratti hundaa'uun sadarkaa irra jiru irraa gara sadarkaa itti aanutti guddachuu yookiin gadi bu'uu ni danda'a.

8) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.

#### 8. Qaama Seerummaa Argachuu

- 1) Jiraattonni iddoo murtaa’aa tokko keessa jiraataniifi baay’inni ummata isaanii 2,000 fi isaa ol ta’e gaaffiin qaama seerummaa magaalummaa karaa bakka bu’oota isaanii caasaa Biirichaa sadarkaa Godinaa jirutti dhiyaachuun Biiroodhaan kan murtaa’u ta’a.
- 2) Gaaffiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaatu barreeffamaan ta’ee, ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:
  - (a) Daangaa iddoo jireenyaa iyyattootaa kan agarsiisu ragaa qaama mootummaa dhimmi ilaaluun kenname;
  - (b) Bal’ina iddichaafi baay’ina ummatichaa;
  - (c) Ibsa waa’ee sochii hawaas-diinagdeefi tajaajila bakka sanatti argamuu;
  - (d) Iyyannoon dhiyaatu jiraataa filachuuf gahumsa qabu keessaa % 25 oliin kan deeggarama ta’uu ragaa ibsu;
  - (e) Pilaanii bu’uuraa iddoo sanaaf hojjetameefi qaama aangoo qabuun mirkanaa’ee; fi
  - (f) Ulaagaalee biroo Qajeelfama Biiron baasuun murta’an.
- 3) Biiron gaaffii qaama seerummaa magaalummaa argachuuf dhiyaate qorachuun yeroo ji’a sadi hin caalle keessatti murtii kennuu qaba.
- 4) Biiron qaama seerummaa magaalummaa akka kennamu yammuu murteessu waraqaa ragaa qaama seerummaa ibsu magaalichaaf ni kenna.
- 5) Ragaan qaama seerummaa magaalummaa yammuu kennamu sadarkaan isaa waliin ibsamuu qaba.
- 6) Gaaffiin qaama seerummaa magaalummaa dhiyaate fudhatama kan dhabe yoo ta’e, sababni isaa ibsamee qaama gaaffii dhiyeesse yookiin bakka bu’oota isaaniif deebiin barreeffamaan kennamuu qaba.
- 7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-6 jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa qorannoo Biirichaan dhiyaatu irratti hundaa’uun Magaalaa haaraa hundeessuu ni danda’a.

#### 9. Bu’aa Qaama Seerummaa Argachuu

Magaalaan akkaataa Labsii kanaatiin qaama seerummaa magaalummaa argate kamiyyuu mirga maqaa isaatiin waamamuu, aangoofi hojii Labsii kana keessatti ibsaman raawwachuu, waliigaltee seenuu, qabeenya horachuu, himachuufi himatamuu ni danda’a.

## 10. Qaama Seerummaa Haquu

- 1) Qaamni seerummaa magaalummaa kenname haqamuu yookiin mulqamuu kan danda’u magaalichi qaama seerummaa kennameef eeguun ulaagaa Magaalaa tokkoo eeguun ittifufuufi gonfachuu kan hin danadeenye yoo ta’edha.
- 2) Biiron qaama seerummaa magaalummaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin haquu yookiin mulquun dura deeggarsa barbaachisaa taasisuu qaba.
- 3) Qaamni seerummaa magaalummaa kennamee ture kan haqame yookiin mulqame yoo ta’e, mirgaafi dirqamni magaalichi duraan qabu qaama magaalichi duraan ittiwaamamaa tureef kan darbu ta’a.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, magaalonna akkaataa Labsii kanaatiin yammuu walitti makaman qaamni seerummaa magaalummaa tokkoon tokkoon magaalatiif duraan kennamee ture haqamuun magaalaa walitti makamuun hundaa’eef qaamni seerummaa magaalummaa kan kennamuuf ta’a.
- 5) Qaamni seerummaa magaalummaa duraan kennamee ture sababa walitti makamuu magaalotaatiin kan haqame yoo ta’e, mirgaafi dirqamni tokkoon tokkoo magaalaa duraan qabu gara magaalaa walitti makamiinsa haaraa hundaa’eetti kan darbu ta’a.
- 6) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.

## 11. Walitti Makamiinsa Magaalotaa

- 1) Magaalota Naannichaa waliin misoomuufi kaayyoo waloo qabaachuu danda’an haalota armaan gadii irratti hundaa’uun walitti makuun ni danda’ama:
  - (a) Tajaajilli mootummaafi hojiiwwan bulchiinsaa bifa qindaa’een gahumsaan akka hoogganamuufi bu’a qabeessummaan isaa akka mirkanaa’u taasisuuf;
  - (b) Magaalaafi magaalaa akkasumas magaalaafi baadiyyaa bu’uuraalee misoomaan walitti hidhuun waliin akka guddataniifi dorgomaa akka ta’an taasisuuf;
  - (c) Qorannoo Biiron gaggeessu irratti hundaa’uun barbaachisummaan isaa yoo itti amaname.
- 2) Walitti makamiinsi magaalotaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin taasifamu Manni Maree Magaalota dhimmichi ilaallatu erga irratti mari’ateen booda Biiron dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin mirkanaa’uu qaba. Murtii kennamus qaamni kamiyyuu hojiirra oolchuuf dirqama qaba.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa qorannoo gaggeeffamu irratti hundaa’uudhaan dantaa ummata Naannichaa daraan kabachiisuuf barbaachisaadha jedhee yoo itti amane Magaalota Naannichaa walitti makuun magaalaa haaraan akka hundaa’u Dambii baasuun murteessuu ni danda’a.

- 4) Moggaafamni maqaa magaalaa haaraa hundaa’u xiinxalaafi ragaa gahaa irratti hundaa’uun seenaa, aadaafi duudhaa Ummata Oromoo naannoo sanaa giddugaleessa kan taasise ta’uu qaba.
- 5) Akkaataa Keewwata kanaatiin Magaaloondi Mana Marii mataa isaanii qaban yammuu walitti makaman hanga filannoon itti aanu gaggeeffamutti miseensonni Mana Marii Magaalichaa haala walitti makamiinsa Magaalichaatiin walitti dhufuun Mana Marii Magaalichaa kan hundeessan ta’a.

## **12. Jijjiirraa Maqaa Magaalaa**

- 1) Magaalaan kamiyyuu maqaa magaalichi qaama seerummaa ittiin argateen kan waamamu ta’ee, jijjiirraan maqaa Magaalaa kan taasifamu barbaachisaa ta’ee yoo argamu yaadaafi hirmaannaa jiraattoota magaalaa irratti hundaa’ee, Mana Maree Magaalaa dhimmichi ilaallatutti dhiyaatee yoo murtaa’eedha.
- 2) Gaaffiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Mana Maree Magaalichaatiin murtaa’e, karaa Birootiin Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatti dhiyaatee ragga’uu qaba.

## **13. Aangoofi Hojii Magaalotaa**

Aangoofi hojiin magaalotaaf seerota birootiin kenname akkuma eegametti ta’ee, Magaalaan Naannichaa kamiyyuu aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Lafa daangaa bulchiinsa magaalichaa keessatti hammatame akkaataa seeraafi bu’uura pilaanii magaalichaatiin ni bulcha; ni misoomsa; ni eega;
- 2) Pilaanii Magaalichaa ni qopheessa; akka qophaa’u ni taasisa; ni raggaasa; ni fooyyessa; hojiirra ni oolcha; misoomni magaalicha keessatti gaggeeffamu pilaanii Magaalichaa karaa eegeen ta’uu isaa ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 3) Magaalicha keessatti tajaajila bu’uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, bishaan, humna ibsaa, bilbilaa, geejjiba ummataafi paarkiingii konkolaataa ni hojjeta; ni supha; akka hojjetamu yookiin suphamu ni taasisa; aanaalee yookiin gandoota naannawa magaalichaatti argaman magaalicha wajjiin bu’uuraalee misoomaan akka walitti hidhaman ni hojjeta;
- 4) Magaalichi bu’uuraalee misoomaan, magariisummaafi qulqullinaan hawwataafi dorgomaa akkasumas jiruufi jireenya dhala namaatiif mijataa akka ta’u hojiiwwan misoomaa barbaachisan ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
- 5) Iddoowwan magariisummaa magaalaa akkaataa pilaanii magaalichaa irra taa’een ni misoomsa; ni kunuunsa; ni eega; qisaasama pilaanii raawwatamu irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 6) Qabannaa lafa seeraan alaa yookiin ijaarsa seeraan alaa akka hin raawwatamne ni to’ata; ni hordofa; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;



- 7) Lafa tajaajila investmentiif oolu gosa pirojektii investmentiitiin addaan baasee qopheessuun akkaataa seeraatiin misoomsaatti yookiin investaraatti akka darbu ni taasisa;
- 8) Investmentii biyya keessaafi biyya alaa hawwachuufi babal'isuuf carraawwan investmentii akka magaalichaatti jiran addaan baasuun ni beeksisa; investaroota gara magaalichaa dhufan ni simata; hojiiwwan sochii investmentiif haala mijataa uumaniifi saffisiisan kanneen akka tajaajila invesimentii iddoo tokkoo hojiirra ni oolcha; jajjabeessituu investmentii akkaataa seeraatiin akka argatan qaama dhimmi ilaalu wajjiin qindoominaan ni hojjeta;
- 9) Gamoowwan industirii, daldalaafi mana jireenyaa akkaataa karoora ittifayyadama lafaafi pilaanii magaalichaatiin ofii isaatiin yookiin qaamolee dhuunfaa biroo waliin michoomuun ni ijaara; ni bulcha; mana misoome gurgurtaan yookiin kiraan ni dabarsa;
- 10) Qaama dhimmi ilaallatu waliin michoomuun magaalicha keessatti giddugalli gabaafi daldalli iddoo tokkoo akka hundaa'u ni taasisa; tajaajilli kennamu aammayyaa'aafi hawwataa akka ta'u ni hojjeta;
- 11) Tajaajila teknoolojii hammayyaatiin deeggarameefi guddina diinagdeefi hawaasummaa mirkaneessuu danda'u magaalichatti hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 12) Tajaajila mootummaa dhaqqabamaa, bu'a qabeessaafi haqa qabeessa ta'e teknoolojii ammayyaatiin deeggaruun si'oominaafi qulqullinaan tajaajilamtootaaf ni kenna;
- 13) Magaalicha keessatti afaan, seenaa, aadaa, duudhaafi safuun Ummata Oromoo akka misoomu ni hojjeta; hojiiwwan misoomaa gaggeeffaman seenaa, aadaa, duudhaafi safuu Ummata Oromoo akka calaqqisiisan ni hojjeta;
- 14) Magaalicha keessatti iddoowwan, hambaalee seenaafi meeshaalee aadaa Ummata Oromoo addaan ni baasa; ni beeksisa; bakka hawwata turizimii akka ta'an ni hojjeta; sirnaan eegamuu isaanii ni hordofa;
- 15) Magaalicha keessatti iddoowwan tajaajila ispoortii, tiyaatiraa, fiilmii, aaragalfannaa, bashannanaa, mana kitaabaa, godambaafi kanneen biroo karaa ammayya'aafi aadaa Ummata Oromoo calaqqisiisuun ni misoomsa; akka misooman qaamolee dhimmi isaa ilaallatu waliin ni hojjeta;
- 16) Ummata magaalichaa sadarkaa sadarkaan gurmeessuun hirmaannaan isaan misooma hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa irratti qaban akka dabaluu fi fayyadamummaan isaanii akka guddatu ni hojjeta; haala ni mijeessa; dubartootaafi dargaggoonni xiyyeeffannoo addaa akka argatan ni hojjeta;
- 17) Toftaaleefi sagantaalee galii maddisiisaniifi hiyyummaa hir'isuu danda'an hojiirra oolchuun hojiiwwan misooma Magaalichaafi jireenya ummatichaa fooyyessuuf gargaaran ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

- 18)Magaalicha keessatti carraawwan hojii bal'inaan akka uumamuufi carraawwan hojii uumaman irraa dargaggoonniifi dubartoonni baay'inaan hirmaachuun fayyadamaa akka ta'an ni hojjeta;
- 19)Hojiin misoomaa magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu hirmaannaafi fayyadamummaa qonnaan bulaa magaalichaafi naannawa magaalichaa kan mirkaneesse akka ta'uuf ni hojjeta; qonnaan bultoota sababa misoomaatiif qe'eefi qabeenya isaanii irraa buqqa'anii rakkoo diinagdeefi hawaasummaaf saaxilaman deebi'anii akka dhaabbataniifi deeggaraman ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;
- 20)Magaalichatti hojiiwwan misooma qonna magaalaa bifa ammayyaatiin akka gaggeeffaman ni hojjeta; haala ni mijeessa; ni deeggara; giddugala gabaa oomishaalee qonnaa akka hundaa'u ni taasisa; hojiiwwan qonna magaalaa gaggeeffaman magariisummaafi hawwattummaa magaalichaa kan mirkaneessan akka ta'an ni hojjeta;
- 21)Namoota mana jireenyaa ijaarrachuuf waldaan gurmaa'uu barbaadan akkaataa seeraatiin ni galmeessa; ni gurmeessa; ragaa qaama seerummaa ni kenna; lafa mana jireenyaa akka argatan ni taasisa; mana jireenyaa akka ijaarrataniif ni hordofa; ni deeggara; dhaabbilee misooma manaa gaggeessan waliin akka walitti hidhaman ni taasisa;
- 22)Misooma manneenii irratti ni hirmaata; qaamolee adda addaa waliin michoomuun misooma manneenii ni gaggeessa; akka gaggeessan ni taasisa; ni bulcha; gatii madaalawaan fayyadamtootaaf akka darban ni taasisa; ragaa ammayyeessuun qindeessee ni qabata;
- 23)Manneen mootummaa magaalicha keessatti argaman bu'uura seeraatiin ni bulcha; kaartaa akka argatan ni taasisa; ni haaromsa; ni supha; akkaataa barbaachisummaa isaatti bu'uura seeraatiin misooma biroof akka oolu ni taasisa; inventerii manneen mootummaa ni gaggeessa; ragaa ammayyeessuun qindeessee ni qabata;
- 24)Hojiiwwan eegumsaafi qulqullina naannoo kanneen akka balfa dhabamsiisuu, manca'iinsa naannoo to'achuu, sarara dhangala'aafi bo'oo lolaa diriirsuu, misooma qarqara lageeniifi kanneen kana fakkaatan biroo karaa ammayya'aafi hawwataa ta'een ni raawwata;
- 25)Magaalicha keessatti bulchiinsi gaariifi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u ni hojjeta; sirna iftoominaafi ittigaafatamummaa qabu ni diriirsa;
- 26)Tajaajila eegumsa nageenya ummataa, ittisa balaa ibiddaa, to'annoo dawaafi nyaataa, dambii kabachiisuufi kaneen kana fakkaatan biroo ni kenna;
- 27)Aadaafi duudhaan bilisaan ummata tajaajiluufi waldeeggaruu magaalicha keessatti akka dagaaguuf ni hojjeta;

- 28)Tajaajila hawaasummaa kan akka hojii barnootaa, tajaajila fayyaa, tajaajila galmeessa ragaalee adda addaa, bakka qalmaa, bakka awwaalchaa, gabaafi kan kana fakkaataan ni kenna;
- 29)Kutaalee hawaasaa deeggarsa addaa barbaadan kenneen akka dubartootaa, maanguddootaa, qaama miidhamtootaafi daa'imman haadhaafi abbaa hin qabne haala itti deeggaramaniifi kunuunsa argatan ni mijeessa; qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin qindoominaan ni hojjeta;
- 30)Ragaalee bu'uuraa sochii misoomaa taasifamaa jiruufi carraawwan guddina magaalichaa karaa ammayyaa'een qindeessee ni qabata; ragaafi odeeffannoo jiraattoota magaalichaa haala ammayyaa'aa ta'een qindeessee ni qabata; hojimaata dijitaalawaatiin waraqaa eenyummeessaa ni kenna; tajaajila galmeessa siivilii ammayyaa'aa ta'e ni kenna;
- 31)Karoora hawaasummaa, diinagdeefi baajata Magaalichaa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 32)Waliigaltee bittaa, gurgurtaa, kiraafi kenna manaa akkasumas manneen wabiin qabamanii ni galmeessa;
- 33)Tajaajiloota mana qopheessaa mootummaan kennamaniifi kanneen mootummaan ala qaama biraatiin kennamuu danda'an adda ni baasa; bu'aa qabeessummaa isaanii irratti hundaa'uun akkaataa seeraatiin qaama mootummaan ala jiruun akka kennamu ni taasisa; tajaajiloota kana akkaataa istaandaardiitiin ni kenna; akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
- 34)Sirna qindaa'aa qabiinsa, dhabamsiisaafi deebisanii faayidaa irra oolchuu balfa gogaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 35)Manneen nyaataafi dhugaatii, hoteelota, mana fincaanii ummataafi dhaabbilee biroo irratti to'annoo ni gaggeessa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 36)Baajata Magaalichaa akkaataa seeraatiin ni bulcha; galii gibiraafi tajaajilaa akkaataa seeraatiin ni murteessa; walitti ni qaba; akka walitti qabamu ni taasisa; misoomaafi guddina Magaalichaaf ni oolcha;
- 37)Murtii Mana Maree Magaalichaafi Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin, akkaataa barbaachisummaa isaatti, maallaqa liqeeffachuun misooma magaalichaaf ni oolcha;
- 38)Hojiilee bulchiinsa magaalichaa keessatti akka hin raawwatamne dhorkaman adda baasee ni beeksisa; akka hin raawwatamne ni taasisa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

- 39) Faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee yammuu argamu akkaataa seeraatiin beenyaa madaalawaa dursa kaffaluun qabeenya dhuunfaa faayidaa ummataatiif ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;
- 40) Dhimmoota misooma waloo, kenniinsa tajaajilaa, kunuunsa naannoo, nageenyaafi tasgabbi, ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu, bu'uuraalee misoomaa diriirsuufi oomishaalee qonnaa guddisuu irratti Bulchiinsa Godinaalee yookiin Magaalota yookiin Aanaalee Magaalichaa daangessan waliin qindoominaan ni hojjeta;
- 41) Hooggansaafi ogeessa dandeettii, gahumsaafi naamusa ogummaa ol'aanaa qaban haala loogii irraa bilisa ta'e, iftoomina qabuufi ittigaafatamummaa qabuun akkaataa seeraatiin ni qacara; ni ramada; ni bulcha;
- 42) Akkaataa seeraatiin qaamolee Mootummaa, abbootii qabeenya dhuunfaa, waldaalee hawaasaafi Magaalota biroo waliin walitti dhufeenya ni uuma; waliigaltee ni seena;
- 43) Aangoofi hojii seeraan kennameef hojiirra oolchuuf gurmaa'insa mana hojii barbaachisu sadarkaa magaalaa, Kutaa Magaalaa Aanaa Magaalatti ni qabaata; akkaataa barbaachisummaa isaatti waajjira qindeessaa pirojektii adda addaa qabaachuu ni danda'a; qaamolee biroo waliin michooman ni hojjeta;
- 44) Dhaabbileen misooma mootummaa hojiiwwan misooma magaalichaa deeggaran murtii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa irratti hundaa'uudhaan magaalicha keessatti hundeeffachuu ni danda'a;
- 45) Labsii kanaafi seerota rogummaa qaban biroo bu'uura godhachuun magaalota biyya keessaa yookiin biyya alaa waliin dhimmoota kanneen akka diinagdee, ogummaa teeknikaa, waljijjiirraa aadaa, tajaajila tola ooltummaa, dandeettii raawwachiisummaa cimsuu akkasumas carraa turizimiifi investmentii guddisuuf gargaaran irratti hariiroo obbolummaa uumuun ni hojjeta;
- 46) Hojiiwwan biroo aangoofi hojii magaalichaa karaa guutuu ta'een galmaan gahuuf barbaachisan kamiyyuu akkaataa seeraatiin ni raawwata.

### **Kutaa Sadii**

#### **Gurmaa'insaafi Sirna Gaggeessummaa Magaalaa**

#### **14. Sadarkaa Aangoo Bulchiinsaa**

- 1) Akkaataa sadarkaa magaalichaa irratti hundaa'uun sadarkaan aangoo bulchiinsa magaalotaa kan armaan gaditti tumame ta'a:
- (a) Bulchiinsa Magaalaa: Qaama seera baasu, qaama seera raawwachiisuufi qaama aangoo abbaa seerummaa qabu;
- (b) Kutaa Magaalaa: gurmaa'insa bulchiinsa magaalatti aanee hundeeffamuufi qaama raawwachiisaafi mana murtii sadarkaa Aanaa kan qabu;
- (c) Aanaa Magaalaa: gurmaa'ina Kutaa Magaalatti aanee hundeeffamuufi Mana Maree, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii Hawaasummaa kan qabu;

(d) Bulchiinsa Gandaa: sadarkaa bulchiinsaa isa jalqabaafi akkaataa sadarkaa magaalotaatiin Bulchiinsa Magaalaa yookiin Kutaa Magaalaatti aanee yookiin of danda'ee hundeeffamu ta'ee, Mana Maree, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa kan qabaatudha.

- 2) Bulchiinsa Magaalaatti aanee gurmaa'insi Kutaa Magaalaa kan hundeeffamu magaalota sadarkaa Meetroopoolis, Rijiyoopoolisiifi Muummee keessatti qofaadha.
- 3) Kutaa Magaalaatti aanee gurmaa'insi Aanaa Magaalaa kan hundeeffamu magaalota sadarkaa Meetroopoolisiifi Rijiyoopoolis keessatti qofaadha.
- 4) Magaalaa Muummee keessatti gurmaa'insi Kutaa Magaalaatti aanee gurmaa'u Bulchiinsa Gandaa ta'a.
- 5) Magaalota sadarkaa Ol'aanaafi isaa gadi jiran keessatti gurmaa'insi Bulchiinsa Magaalaatti aanee gurmaa'u Bulchiinsa Gandaa ta'a.

**15. Gurmaa'insa Qaamolee Mootummaa Sadarkaa Bulchiinsa Magaalaafi Isaa Gaditti Diriiro**

- 1) Gurmaa'insi qaamolee mootummaa bulchiinsa magaalotaa akkaataa armaan gadiitiin ta'a:
  - (a) Mana Maree: Qaama seera baasu;
  - (b) Mana Maree Bulchiinsaa: Qaama seera raawwachiisu;
  - (c) Mana Murtii: Qaama aangoo abbaa seerummaa qabudha.
- 2) Sadarkaa bulchiinsa magaalaa gadiitti gurmaa'insi diriiro bu'uura Labsii kanaatiin sadarkaa magaalichaaf kennamu irratti kan hundaa'u ta'ee, akkaataa armaan gadiitiin ta'a:
  - (a) Magaalota sadarkaa Meetroopoolisiifi Rijiyoopoolis keessatti Kutaa Magaalaafi Aanaa Magaalaatiin;
  - (b) Magaalota sadarkaa Muummee keessatti Kutaa Magaalaafi Bulchiinsa Gandaatiin;
  - (c) Magaalota sadarkaa Ol'aanaafi isaa gadi jiran keessatti Bulchiinsa Gandaatiin ta'a.
- 3) Gurmaa'insi sadarkaa Kutaa Magaalaa qaama raawwachiisaafi Mana Murtii sadarkaa Aanaa qofaan kan gurmaa'u ta'ee, gurmaa'insa bulchiinsa Magaalaatti aanee jiru ta'a.
- 4) Gurmaa'insi sadarkaa Aanaa Magaalaa Mana Maree, Qaama Raawwachiisaafi Mana Murtii Hawaasummaa qabaachuun kan gurmaa'u ta'ee, gurmaa'insa Kutaa Magaalaatti aanee jiru ta'a.
- 5) Sadarkaa Aanaa Magaalaatti akkaatuma barbaachisummaa isaatiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Dhaddacha Naannawaa hundeesuun jiraattootaaf tajaajila abbaa seerummaa itti dhiyeenyaan akka kennamu taasisuu qaba.
- 6) Gurmaa'insi qaamolee mootummaa sadarkaa Bulchiinsa Gandaa akkaataa armaan gadiitiin ta'a:
  - (a) Mana Maree: Qaama seera baasu;
  - (b) Mana Maree Bulchiinsaa: Qaama seera raawwachiisu;
  - (c) Mana Murtii Hawaasummaa: Qaama aangoo abbaa seerummaa qabudha.

## 16. Sirna Gaggeessummaa Magaalaa

- 1) Sirni gaggeessummaa Magaalaa sirna “**Mana Maree Kantiibaa**” ta’ee, kan hojiirra oolu magaalota Mana Maree mataa isaanii qaban qofa keessatti ta’a. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, magaalota Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu keessatti Magaalaan Hoji-gaggeessaafi Itti Aanaa hoji-gaggeessaan kan gaggeeffamu ta’a.

## 17. Mana Maree Magaalaa

- 1) Manni Maree Magaalaa, magaalicha keessatti abbaa aangoo ol’aanaadha.
- 2) Filannoon miseensota Mana Maree Magaalaa waggaa shan shaniin kan gaggeeffamu ta’a.
- 3) Miseensonni Mana Maree Magaalaa jiraattota Magaalichaatiin karaa bilisa, kallattiifi akkaataa kenna sagalee iccitiitiin kan filataman ta’a.
- 4) Baay’inni miseensota Mana Maree Magaalaa akkaataa seerota filannoo rogummaa qabaniin kan murtaa’u ta’a.
- 5) Bulchiinsa magaalotaa Mana Maree qaban keessatti baay’inni jiraattoota saba Oromoo xiqqaa ta’ee yoo argame, Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa baay’ina ummata Oromoo baay’ina ummata biroo waliin walbira qabee ilaaluun teessoo Mana Maree Magaalichaa keessatti % 51 akka eegamuuf taasisuu ni danda’a. Tumaan kun kan Mana Maree Aanaa Magaalaafi Bulchiinsa Gandaa irrattis raawwatiinsa ni qabaata.
- 6) Bulchiinsa magaalotaa Mana Maree qaban keessatti Gandoota baadiyyaa magaalicha daangessaniif teessoo Mana Maree magaalichaa keessatti % 20 ni eegamaaf; bakka bu’oonni Gandaa yookiin Gandoota baadiyyaa magaalicha daangessanis filatamtoota keessaa Mana Maree Gandaa yookiin Gandootaatiin bakka bu’u.
- 7) Namni filannoo Mana Maree Magaalaaf dorgomuuf dhiyaatu seera filannoo biyyaalessaatiin ulaagaa ibsame kan guutuufi Afaan Oromoo kan danda’u ta’uu qaba.
- 8) Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuutiif Mana Maree Magaalaa addatti of danda’e hundeessuun osoo hin barbaachisin akka gandaatti yookiin gandootaatti lakkaa’uun Mana Maree Aanichaa keessatti hirmaannaa ni qabaatu.

## 18. Aangoofi Hojii Mana Maree Magaalaa

- 1) Heera Mootummaa Naannichaatiin Mana Maree Aanaaf aangoon kenname Mana Maree Magaalotaa keessattis raawwatiinsa kan qabaatu ta’a.
- 2) Manni Maree Magaalaa Labsii kana Keewwata 13 jalatti aangoofi hojii magaalotaaf kenname hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Manni Maree Magaalaa aangoofi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Imaammata, tarsiimoofi seerota mootummaa Naannichaatiin bahan haala walsimuun dhimmoota Magaalaa irratti tumaalee magaalaa ni baasa;

- (b) Karoora hawaas-diinagdeefi baajata magaalichaa Kantiibaan dhiyaatuuf xiinxalee ni mirkaneessa; raawwii isaas ni hordofa;
- (c) Pilaanii magaalichaa ni raggaasisa; hojiirra ooluu isaas ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
- (d) Akkaataa seeraatiin gibiraafi kaffaltii tajaajilaa ni murteessa; sassaabamuu isaas ni mirkaneessa;
- (e) Lafa magaalicha keessatti argamu akkaataa pilaanii magaalichaafi seeraatiin buluu isaa ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
- (f) Gurmaa'insa caasaa bulchiinsa magaalichaa ni raggaasisa; caaseffamaafi sirna raawwii hojii qaamolee raawwachiisaa magaalichaa ni murteessa; raawwii isaanis ni hordofa;
- (g) Koreewwan Dhaabbii Mana Marichaa ni hundeessa; miseensota isaanii miseensota Mana Marichaa keessaa ni moggaasa; haala hojii isaanii ni murteessa; koreewwan adda addaa aangoofo hojii Mana Marichaa hojiirra oolchuuf gargaaran ni hundeessa;
- (h) Afyaa'iifi Itti Aanaa Afyaa'ii miseensota Mana Marichaa keessaa ni filata; akkasumas Ittigaafatamaa Waajjiraa miseensota Mana Marichaa keessaa yookiin miseensa Mana Marichaatiin alaa ni filata yookiin ni muuda; haala hojii isaanii ni murteessa; Waajjira Mana Marichaa ni hundeessa;
- (i) Kantiibaa Magaalaa miseensota Mana Marichaa keessaa filatame ni moggaasa yookiin muudama kaadhimamaa kantiibaa miseensota Mana Marichaatiin alaa dhiyaatu ni mirkaneessa;
- (j) Kantiibaa Magaalichaatiin yammuu dhiyaatuuf muudama Itti Aanaa Kantiibaa Magaalichaa ni mirkaneessa;
- (k) Sadarkaa magaalichaa irratti hundaa'uun Mana Maree Bulchiinsaa magaalichaa ni hundeessa; yaada Kantiibichi dhiyeessu irratti hundaa'uun baay'ina miseensota Mana Maree Bulchiinsaa magaalichaa ni murteessa; muudama miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Kantiibaan dhiyaateef ni raggaasisa; haala hojii isaaniis ni murteessa;
- (l) Sadarkaa qulqullina tajaajiloota mana qopheessaafi kaffaltii tajaajilaa qoratamee dhiyaatuuf ni mirkaneessa;
- (m) Gabaasa qaamolee mootummaa qoratee ni mirkaneessa; duubdeebii ni kenna;
- (n) Waliigaltee liqii Mana Maree Bulchiinsaa magaalichaatiin mirkanaa'ee dhiyaateef qoratee ni raggaasa; gaaffiin liqii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
- (o) Safartuuwwan raawwii hojiifi galmawwan bara karoora qopheessuudhaan hojiiwwan xiinxalee murtii ni kenna;

(p) Dambii keessoo adeemsa hojiifi naamusa miseensota Mana Marichaa ni baasa; hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa.

#### **19. Bara Hojiifi Ittiwaamama Mana Maree Magaalaa**

- 1) Barri hojii Mana Maree Magaalaa waggaa shan ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Mana Maree Magaalaa ummata isa filateefi Caffee Naannichaatiif ta'a.

#### **20. Sirna Walgahii Mana Maree Magaalaa**

- 1) Walgahiin idilee Mana Maree Magaalaa ji'a saditti yeroo tokko kan gaggeeffamu ta'ee, Afyaa'iin, Kantiibaadhaan yookiin Miseensota Mana Marichaa keessaa harki  $1/3^{ffaa}$ n yoo gaafatan walgahii ariifachiisaan waamamuu ni danda'a.
- 2) Walgahii Mana Marichaa kamiyyuu irratti miseensota Mana Marichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a.
- 3) Murtiin Mana Marichaa miseensota walgahii irratti argaman keessaa sagalee caalmaan kan darbu ta'a.
- 4) Tasgabbii magaalichaaf, haamilee ummataaf yookiin mirga miseensota biroo eeguuf barbaachisaa ta'ee yoo argame malee, walgahiin Mana Marichaa ummataaf banaa ni ta'a.
- 5) Manni Marichaa haalli hojii isaafi murtiin isaa kan itti qabamu galmees ni qabaata.

#### **21. Muudama Afyaa'ii Mana Maree Magaalaa**

- 1) Afyaa'iin Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa kan filatamu ta'ee, ittiwaamamni isaa Mana Marichaatiif ta'a.
- 2) Barri hojii Afyaa'ichaa bara hojii Mana Marichaa ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, barri hojii osoo hin xumuramin Afyaa'iin sababoota armaan gadiitiin muudama irraa ka'uu ni danda'a:
  - (a) Fedhii isaatiin hojicha yoo gadi lakkise;
  - (b) Ittigaafatamummaa isaa irraa Mana Marichaan yoo dhorkame;
  - (c) Miseensa Mana Marichaa ta'uun isaa yoo addaan cite; yookiin
  - (d) Ittigaafatamummaa isaa qixa sirriin bahuu yoo dadhabedha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) jalatti kan tumame hojiirra ooluu kan danda'u Mana Maree Magaalichaatti dhiyaatee yoo mirkanaa'e qofadha.
- 5) Tarreeffamni raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

#### **22. Aangoofi Hojii Afyaa'ii Mana Maree Magaalaa**

Afyaa'iin Mana Marichaa aangoofti gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Walgahii Mana Marichaa ni waama; ajandaa marii ni qopheessa; walgahii Mana Marichaa ni gaggeessa; koreewwan Mana Marichaa ni qindeessa;
- 2) Dhimma bulchiinsaa Mana Marichaa ni hooggana; tarkaanfii naamusaa Manni Marichaa miseensota irratti murteesse ni raawwachiisa; hojiiwwan Mana Marichaa ilaallatu irratti magaalicha bakka ni bu'a;



- 3) Tooftaa Manni Marichaa koree dhaabbiifi yerootiin itti gurmaa’u ni diriirsa; ni karoorsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
- 4) Karoora leenjii dandeettii raawwachiisummaa miseensota Mana Marichaa cimsu ni baasa; qaamolee raawwachiisaa dhimmi ilaallatu waliin ni raawwachiisa;
- 5) Murtiiwwan Mana Marichaa qaama dhimmi ilaallatuuf akka darbu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
- 6) Qunnamtii qaama sadaffaa waliin taasifamu irratti Mana Marichaa bakka ni bu’a;
- 7) Hojiiwwan Mana Marichaatiin kennamuuf kan biroo ni raawwata.

### **23. Muudama Itti Aanaa Afyaa’ii Mana Maree Magaalaa**

- 1) Itti Aanaan Afyaa’ii Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa kan filatamu ta’ee, ittiwaamamni isaa Afyaa’iif ta’a.
- 2) Barri hojii Itti Aanaa Afyaa’ii bara hojii Mana Marichaa ta’a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, Itti Aanaan Afyaa’ii barri hojii osoo hin xumuramin sababoota armaan gadiitiin muudamarraa ka’uu ni danda’a:
  - (a) Fedhii isaatiin hojicha yoo gadi lakkise;
  - (b) Ittigaafatamummaa isaa irraa Mana Marichaan yoo dhorkame;
  - (c) Miseensa Mana Marichaa ta’uun isaa yoo addaan cite; yookiin
  - (d) Ittigaafatamummaa isaa qixa sirriin bahuu yoo dadhabedha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) jalatti kan tumame hojiirra ooluu kan danda’u Mana Maree Magaalichaatti dhiyaatee yoo mirkanaa’e qofadha.
- 5) Tarreeffamni raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa’u ta’a.

### **24. Aangoofi Hojii Itti Aanaa Afyaa’ii Mana Maree Magaalaa**

Itti Aanaan Afyaa’ii Mana Marichaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bakka Afyaa’iin hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyetti Afyaa’icha bakka bu’ee ni hojjeta;
- 2) Hojiiwwan biroo Afyaa’ichaan kennamaniif ni raawwata.

### **25. Ittigaafatamaa Waajjiraa Mana Maree Magaalaa**

- 1) Ittigaafatamaan Waajjiraa Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa yookiin miseensa Mana Mareetiin alaa kan filatamu yookiin muudamu ta’ee, ittiwaamamni isaa Afyaa’ichaaf ta’a.
- 2) Barri hojii Ittigaafatamaa Waajjira Mana Marichaa bara hojii Mana Marichaa ta’a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, Ittigaafatamaan Waajjira Mana Marichaa barri hojii osoo hin xumuramin sababoota armaan gadiitiin muudama irraa ka’uu ni danda’a:
  - (a) Fedhii isaatiin hojicha yoo gadi lakkise;

- (b) Ittigaafatamummaa isaa irraa Mana Marichaan yoo dhorkame;
- (c) Ittigaafatamummaa isaa qixa sirriin bahuu yoo dadhabedha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-c) jalatti kan tumame hojiirra ooluu kan danda’u Mana Maree Magaalichaatti dhiyaatee yoo mirkanaa’e qofadha.
- 5) Tarreeffamni raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-c) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa’u ta’a.
- 6) Ittigaafatamaan Waajjira Mana Marichaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Afyaa’ii waliin mari’achuun ajandaa Mana Marichaa ni qopheessa; qaboo yaa’ii Mana Marichaa ni qabata; ni maxxansa;
  - (b) Qaboowwan yaa’iifi sanadoonni Koreewwan Mana Marichaa sirnaan galmaa’anii akka qabamaniifi eegaman ni taasisa; akkaataa Dambii keessoo adeemsa hojiifi naamusaa Miseensota Mana Marichaatiin qaboowwan yaa’ii ni raabsa;
  - (c) Hojiiwwan biroo Afyaa’ii Mana Marichaatiin kennamaniif ni raawwata.

**26. Muudamaafi Ittiwaamama Kantiibaafi Itti Aanaa Kantiibaa**

- 1) Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Mana Maree qaban miseensota Mana Marichaa keessaa qaama dhimmi ilaallatuun dhiyaatee Mana Marichaatiin kan mooggafamu ta’ee, Mana Maree keessaa moggaasuuf haalli qabatamaan jiru kan rakkisu yoo ta’e miseensa Mana Maree kan hin taane qaama dhimmi ilaallatuun dhiyaatee Mana Mareetiin kan muudamu ta’a.
- 2) Itti Aanaa Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Mana Maree qaban miseensota Mana Marichaa keessaa qaama dhimmi ilaallatuun dhiyaatee Mana Marichaatiin kan mooggafamu ta’ee, Mana Maree keessaa moggaasuuf haalli qabatamaan jiru kan rakkisu yoo ta’e miseensa Mana Maree kan hin taane qaama dhimmi ilaallatuun dhiyaatee Mana Mareetiin kan muudamuu ta’a.
- 3) Ittiwaamamni Kantiibaa Magaalaa Meetroopoolis, Rijiyoopoolis, Magaalaa Muummeefi Ol’aanaa Mana Maree Magaalichaafi Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta’a.
- 4) Ittiwaamamni Kantiibaa Magaalaa Giddugaleessaafi Guddattuu Mana Maree Magaalichaafi Bulchaa Godinaatiif ta’a.
- 5) Hoji-gaggeessaafi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu Bulchaa Aanaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaatiin kan muudamu ta’a.
- 6) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu Bulchaa Aanaatiif ta’a.
- 7) Ittiwaamamni Itti Aanaa Kantiibaa, Kantiibaa magaalichaatiif ta’a.
- 8) Barri hojii Kantiibaa bara hojii Mana Marichaa ta’a.

- 9) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 8 jalatti kan tumame jiraatus, Kantiibaan barri hojii osoo hin xumuramin sababoota armaan gadiitiin ittigaafatamummaarraa ka'uu ni danda'a:
  - (a) Fedhii isaatiin hojicha yoo gadi lakkise;
  - (b) Ittigaafatamummaa isaa irraa Mana Marichaan yoo dhorkame;
  - (c) Ittigaafatamummaa isaa qixa sirriin bahuu yoo dadhabedha.
- 10) Tarreeffamni raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9 (a-c) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa'uu ta'a.

## 27. Aangoofi Gahee Hojii Kantiibaa

Kantiibaan hoogganaafi hojii raawwachiisaa ol'aanaa Buchiinsa Magaalichaa ta'ee, aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Aangoofi hojiiwwaan Magaalaa Labsii kana Keewwata 13 jalati tumaman hojirra ni oolcha;
- 2) Magaalicha keessatti Heerri, sirni Heeraafi seerri kabajamuu isaa ni mirkaneessa;
- 3) Imaammata, tarsiimoofi seerota Naannichaafi akka biyyaatti bahaniifi murteewwan Mana Maree Magaalichaafi Mana Maree Bulchiinsaa sadarkaa sadarkaan jiraniin murtaa'an ni raawwata; ni raawwachiisa; gabaasa raawwii hojii yeroo yeroon qaama ittiwaamamuuf ni dhiyeessa;
- 4) Sochii manneen hojii mootummaa Magaalicha keessatti argaman ni hordofa; ni qindeessa; gabaasa ni fudhata; deeggarsa adda addaa ni kenna;
- 5) Humnoota nageenyaafi poolisii nageenya magaalichaa eegan, seeraafi sirna magaalichaa kabachiisan ol'aantummaan ni hooggana; ni to'ata;
- 6) Hojii sadarkaalee bulchiinsaa biroo Magaalicha keessatti argaman ni qindeessa;
- 7) Sochii hojii Magaalichaa hordofee qaama ittiwaamamuuf yeroo yeroon gabaasa ni dhiyeessa;
- 8) Bulchiinsa Magaalichaa bakka bu'uudhaan qaamolee adda addaa waliin walqunnamtii hojii ni tasisa; magaalicha bakka ni bu'a; walgahii irratti ni hirmaata;
- 9) Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa filachuun Mana Maree Magaalichaatiif dhiyeessuun muudama isaanii ni raggaasisa; hojii isaanii bu'uura seeraatiin ni hooggana;
- 10) Dandeettii ogummaafi gahumsa hooggansaa irratti hundaa'uudhaan Hoji-gaggeessaa Magaalaa filachuun Mana Maree Magaalichaatiif dhiyeessuun muudama isaa ni raggaasisa;
- 11) Tajaajilli Magaalichaa dhaqqabamaa, bu'a qabeessaafi haqa qabeessa ta'e karaa si'oominaafi qulqullina qabuun dhiyaachuu ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni argmetti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

- 12)Tajaajilli mana qopheessaa sadarkaa isaa eeggateefi haqa qabeessa ta'e hojiirra ooluu isaa ni miraneessa; ni hordofa; ni deeggara;
- 13)Sirna keessummeessa komii ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; komii dhiyaatu ni simata; furmaata ni kenna;
- 14)Ayyaana akka naannoo, biyyaafi ummataatti kabajamu irratti Magaalicha bakka ni bu'a;
- 15)Karooraafi baajata Magaalichaa Mana Maree Bulchiinsaa waliin mari'achuun qopheessee Mana Maree Magaalichaatiif ni dhiyeessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 16)Ummanni karoorra, baajata, akkasumas raawwii hojiifi dhimmoota biroo Magaalicha ilaallatan irratti akka hirmaachuu danda'u qaamolee dhimmi ilaallatu waliin mari'achuun waltajjii ni qopheessa;
- 17)Gosaafi hanga deeggarsa Bulchiinsa Magaalichaaf barbaachisu Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaan irratti mari'achuun mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa;
- 18)Wixinee tumaalee magaalaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsaa magaalichaan erga irratti mari'atameen booda Mana Maree Magaalichaatiin akka ragga'uuf ni dhiyeessa;
- 19)Waajjira isaa ni gurmeessa;
- 20)Hojii biroo qaama ittiwaamamuuf irraa kennamaniif ni raawwata; ni raawwachiisa.

## **28. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa Kantiibaa**

Itti Aanaan Kantiibaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bakka Kantiibaan hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyetti Kantiibaa Magaalichaa bakka bu'ee ni hojjeta;
- 2) Hojiiwwan biroo Mana Maree Magaalichaa yookiin Kantiibaa Magaalichaan kennamaniif ni raawwata.

## **29. Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa**

- 1) Manni Maree Bulchiinsaa Magaalaa namoota miseensota Mana Maree magaalichaa ta'an yookiin miseensa hin ta'in keessaa hundaa'uu ni danda'a.
- 2) Baay'inni Mana Maree Bulchiinsaa Magaalotaa yaada Kantiibaan Magaalichaa dhiyeessu irratti hundaa'uun Mana Maree Magaalichaatiin kan murtaa'u ta'a. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxeeff waloo ni qabaatu.
- 4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa magaalaa bara hojii Mana Marichaa ta'a.
- 5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Kantiibichaafi Mana Maree Magaalichaatiif ta'a.

### **30. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsa Magaalaa**

Manni Maree Bulchiinsa Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Seerota, murtiiwwaniifi sadarkaalee Mootummaa Naannichaan bahaniifi murtiiwwaniifi sadarkaalee Mana Maree magaalichaan bahan hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa; Heeraafi sirna Heeraa, akkasumas seera ni kabajichiisa;
- 2) Yaada wixinee tumaalee magaalaa ni burqisiisa;
- 3) Hojii mootummaa magaalicha keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;
- 4) Baajata magaalichaa ni qopheessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Tarsiimoo misooma hawaasummaafi diinagdee magaalichaa, akkasumas sagantaalee hojii ni qopheessa; yammuu ragga'u ni raawwachiisa;
- 6) Yaada jiraattotaa, mijaa'ina dhiyeessii tajaajilaa, karoora misoomaa magaalichaafi baay'ina ummataa giddugaleessa godhachuun sadarkaa magaalichaa irratti hundaa'uun gurmaa'insa bulchiinsa magaalichaa sadarkaa Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandaa haaraa hundeessuun yookiin irradeebiin gurmeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame qoratee yookiin qorachiisee qaama dhimmi isaa ilaallatuuf dhiyaatee yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;
- 7) Hojiiwwan biroo Mana Mareefi Kantiibaa magaalichaan kennamuuf ni raawwata.

### **31. Muudamaafi Ittiwaamama Hoji-gaggeessaafi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Magaalaa**

- 1) Hoji-gaggeessaan Bulchiinsa Magaalaa Meetroopoolis, Rijjiyoooolis, Muummee, Ol'aanaa, Giddugaleessaafi Guddattuu dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Magaalichaatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Hoji-gaggeessaan Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Aanaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaatiin kan muudamu ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Magaalaa Kantiibaaf ta'a.
- 4) Hoji-gaggeessaan Magaalaa Miseensa Mana Maree Bulchiinsaati.
- 5) Magaalonna sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa Meetroopoolis, Rijjiyoooolisiifi Muummee Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa tokkoo ol qabaachuu ni danda'u.
- 6) Itti Aanaan Hoji-gaggeessaa Magaalaa Kantiibaa Magaalatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalatiin kan muudamu ta'a.
- 7) Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu Bulchaa Aanaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaatiin kan muudamu ta'a.
- 8) Ittiwaamamni Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa, Hoji-gaggeessaa magaalichaatiif ta'a.

### **32. Aangoofi Gahee Hojii Hoji-Gaggeessaa Magaalaa**

- 1) Hoji-gaggeessaan Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Hojii raawwachiisaa tajaajila magaalaa ta'uun ni hojjeta;
  - (b) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa magaalaa ni gaggeessa; ni qindeessa;

- (c) Sadarkaaleefi haalawwan raawwii kenniinsa tajaajilaa agarsiisan qopheessee Kantiibaaf ni dhiyeessa; yeroo ragga'anis raawwii isaanii ni mirkaneessa;
  - (d) Imaammanni, seeronniifi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaan bahan akkasumas murtiiwwan Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila Magaalichaa keessatti hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
  - (e) Koree Manaajimantii ittigaafatamtoota qaamolee tajaajiloota Magaalichaa kan of keessaa qabu hundeesuun ni gaggeessa;
  - (f) Ittigaafatamtoota qaamolee tajaajila magaalaa ni ramada;
  - (g) Hojjettoota qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa magaalicha keessa hojjetan bu'uura seeraatiin ni qaxara; ni bulcha; ni gaggeessa;
  - (h) Hundeeffama qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa dhiyeessaniifi filannoo tooftaalee dhiyeessii tajaajila adda addaa ilaalchisee Kantiibichaaf yaada ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
  - (i) Safartuuwwaniifi qajeelfamoota dhiyeessii tajaajilaa qindeessee Kantiibaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
  - (j) Baajataafi sagantaa hojii bara karoora qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa qopheessee Kantiibaaf ni dhiyeessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha;
  - (k) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyannoo jiraattota magaalichaatiin dhiyaatu simachuun ni keessummeessa; gaaffiiwwan dhiyaataniif hatattamaan furmaata ni kenna;
  - (l) Tajaajiloota mana qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii yeroo yeroon Kantiibaaf ni dhiyeessa.
  - (m) Tajaajilli mana qopheessaa teknoolojiin deeggarama, si'oominaafi iftoomina qabu akkasumas haqa qabeessa ta'e magaalicha keessatti kennamuu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara;
  - (n) Hoji-gaggeessitoota mana qopheessaa Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandaa irraa gabaasa waggaafi barbaachisaa ta'ee yoo argame gabaasa yeroo yeroon ni fudhata; qoratee murtee ni kenna;
  - (o) Murteewwan tajaajila mana qopheessaa ilaallatan hojiirra ni oolcha;
  - (p) Hojiiwwan biroo qaama ittiwaamamuuf irraa kennamaniif ni raawwata.
- 2) Hoji-gaggeessaan magaalaa walgahiiwwan Mana Maree Magaalichaa yookiin Aanichaa irratti sagalee malee hirmaachuu ni danda'a.

### **33. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa Hoji-Gaggeessaa Magaalaa**

Itti Aanaan Hoji-gaggeessaa magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Itti Aanaa hoji-gaggeessaafi qindeessaa damee ta'ee ni hojjeta;
- 2) Bakka Hoji-gaggeessan Magaalichaa hin jirretti yookiin hojii isaa hojjechuu hin dandeenyeetti hoji-gaggeessaa bakka bu'uun ni hojjeta;

- 3) Hojii damee isaafi hojii adda bahee Hoji-gaggeessa Magaalaatiin kennamuuf ni raawwata.

#### **34. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Magaalaa**

Waajjiraaleen qaama raawwachiisaa magaalaa hojii tajaajiloota adda addaa kennan sadarkaa magaalichaa giddugaleessa godhachuun kan hundeeffaman ta'ee, ittiwaamamni isaanii akkaataa seerota rogummaa qabaniin Kantiibaaf yookiin qaama ittiwaamamaniif ta'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **35. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Kutaa Magaalaa**

- 1) Magaalaan Naannichaa Kutaa Magaalaa qabaachuu kan danda'u Magaalichi Magaalaa sadarkaa Meetroopolis, Rijjiyoolisiifi Muummee yoo ta'eedha.
- 2) Kutaan Magaalaa, baay'ina ummataa, bal'inaafi baay'ina aanaa magaalaa yookiin ganda magaalaan qabuufi ulaagaalee biroo Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaan murtaa'u yaada keessa galchuudhaan kan hundeeffamu ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Kutaa Magaalaa bulchiinsa magaalaatiif ta'a.
- 4) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **36. Aangoofi Hojii Kutaa Magaalaa**

Kutaan Magaalaa daangaa bulchiinsaa adda bahee kennameef keessatti aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Mana qopheessaa ta'uun ni tajaajila; akkasumas bulchiinsa magaalichaa waliin qindoominaan ni hojjeta;
- 2) Heeraafi sirna Heeraan hundaa'e ni kabachiisa;
- 3) Akkaataa sadarkaa Magaalichaatiin Aanaalee yookiin Bulchiinsa Gandootaa isa jala jiran ni bulcha; ni hordofa; ni deeggara;
- 4) Hojiiwwan qaama raawwachiisaa adda bahee kennameef ni hojjeta;
- 5) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaafi Bulchiinsa Magaalichaa irraa kennamuuf ni raawwata;
- 6) Aangoo abbaa seerummaa Mana Murtii Aanaatiif seerota rogummaa qabaniin kenname ni qabaata.

#### **37. Muudamaafi Ittiwaamama Bulchaa Kutaa Magaalaa**

- 1) Bulchaan Kutaa Magaalaa Bulchiinsa Magaalota Meetroopolis, Rijjiyoolisiifi Muummee, Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Bulchaa Kutaa Magaalaa Kantiibaa Magaalichaafi Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiif ta'a.
- 3) Barri hojii Bulchaa Kutaa Magaalaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.

#### **38. Aangoofi Gahee Hojii Bulchaa Kutaa Magaalaa**

Bulchaan Kutaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hoji-gaggeessaa mana qopheessaa Magaalaa waliin ta'uun Kutaa Magaalaa Aanaa Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandaa keessatti tajaajiloota Magaalaaatiif tooftaaleen hojii adda addaa akka hojiirra oolan yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
- 2) Kutaa Magaalichaa keessatti seeraafi sirna seeraan hundaa'e ni kabachiisa; rakkoon nageenyaa humna Kutaa Magaalichaati ol ta'e yoo qunname Kantiibaa ni beeksisa;
- 3) Baajataafi karoora waggaa Magaalichaa bu'uureeffachuun kan Kutaa Magaalichaa ni qopheessa; Mana Maree Bulchiinsaatiin erga irratti mari'atameen booda Mana Maree Magaalaaatiif dhiyeessee ni raggaasisa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 4) Kutaa Magaalaa keessatti tajaajiloota Magaalaa dhimmoota ilaallatan irratti murtee ni kenna;
- 5) Hojjetoota mana qopheessaa Kutaa Magaalaa akkaataa seeraatiin ni bulcha;
- 6) Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni gaggeessa;
- 7) Gabaasa raawwii hojii yeroo yeroodhaan Kantiibaafi Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaatiif ni dhiyeessa;
- 8) Gabaasa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaa irraa dhiyaatu ni dhaggeeffata; qoratee murtii ni kenna;
- 9) Walgahii Mana Maree Magaalichaa keessatti sagalee malee ni hirmaata;
- 10) Sirna kabaja ayyaana ummataa akka Naannoofi biyyaatti jiran irratti Kutaa Magaalichaa bakka ni bu'a;
- 11) Tajaajilonni Mana Qopheessaa Kutaa Magaalichaatiin kennaman si'oomina, hammayya'aafi qulqullina kan qaban ta'uu isaanii ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; Kantiibaaf ni gabaasa;
- 12) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaafi Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata;
- 13) Akka Haala isaatti aangoo magaalaa Labsii kana Keewwata 13 jalatti tumame hojiirra oolchuudhaan ummanni kutaa magaalichaa tajaajila gahaa akka argatu ni hojjeta.

### **39. Muudama, Ittiwaamama, Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa Bulchaa Kutaa Magaalaa**

- 1) Itti Aanaan Bulchaa Kutaa Magaalaa Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Itti Aanaa Bulchaa Kutaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.
- 3) Barri hojii Itti Aanaa Bulchaa Kutaa Magaalaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.
- 4) Itti Aanaan Bulchaa Kutaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Bakka Bulchaan Kutaa Magaalichaa hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyeetti bakka bu'uun ni hojjeta;



(b) Hojiiwwan biroo Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

#### **40. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa**

- 1) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaan kan muudaman ta'a.
- 2) Miseensi Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxeeff waloo ni qabaatu.
- 4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.
- 5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaafi Kantiibaa Magaalichaatiif ta'a.

#### **41. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Seerota, murtiiwwaniifi sadarkaalee Mootummaa Naannichaafi Mana Maree Magaalichaatiin bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa;
- 2) Kutaa Magaalichaa keessatti Heeraafi sirna Heeraa, akkasumas seera ni kabajichiisa;
- 3) Hojii mootummaa Kutaa Magaalichaa keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;
- 4) Baajataafi karoora waggaa Kutaa Magaalichaa akkaataa karoora magaalichaan walsimuun qopheessuun irratti mari'atee Mana Maree Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Yaada jiraattotaa, mijaa'ina dhiyeessii tajaajilaa, karoora misoomaa magaalichaafi baay'ina ummataa giddugeessa godhachuun akkaataa sadarkaa magaalichaatiin Aanaa Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandaa haaraa hundeessuun yookiin irradeebiin gurmeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame gaaffii qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 6) Tarsiimoo misooma hawaasummaafi diinagdee Kutaa Magaalichaa, akkasumas sagantaalee hojii ni qopheessa; yammuu ragga'u ni raawwata; ni raawwachiisa;
- 7) Daangaa bulchiinsaa adda bahee kennameef keessatti tajaajilli mana qopheessaa sirnaan akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bulchiinsa magaalichaa waliin qindoominaan ni hojjeta;
- 8) Akkaataa sadarkaa Magaalichaatiin Aanaalee Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandootaa isa jala jiran ni bulcha;
- 9) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaafi Bulchaa Kutaa Magaalichaa irraa kennamuuf ni raawwata.

#### **42. Hoji-gaggeessaafi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa**

- 1) Hoji-gaggeessaafi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Kutaa Magaalaa dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda Kantiibaa Magaalatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaafi Hoji-gaggeessaa Magaalichaaf ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

#### **43. Aangoofi Gahee Hojii Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa**

Hoji-gaggeessaan Kutaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa Kutaa Magaalichaa ni raawwata; ni raawwachiisa; ni hooggana; ni qindeessa;
- 2) Hoji-gaggeessaa Bulchiinsa Magaalichaa waliin ta'uun akkaataa sadarkaa Magaalichaatti Kutaa Magaalichaa, Aanaalee Magaalichaa yookiin Bulchiinsa Gandootaa keessatti tajaajiloota kennamaniif tooftaaleen hojii adda addaa hojiirra akka oolan yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamame hojiirra ni oolcha;
- 3) Imaammanni, seeronniifi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaafi Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila Kutaa Magaalaa keessatti hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
- 4) Karoora mana qopheessaa Magaalichaa irratti hundaa'uun karoora hojii mana qopheessaa Kutaa Magaalaa ni qopheessa; Bulchaa Kutaa Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Raawwii hojii isaa ilaalchisee Hoji-gaggeessaa Magaalichaafi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif gabaasa hojii ni dhiyeessa;
- 6) Kutaa Magaalichaa keessatti dhimmoota tajaajila mana qopheessaa ilaallatan irratti murtee ni kenna;
- 7) Ittigaafatamtoota qaamolee tajaajila Kutaa Magaalaa ni ramada; ni bulcha; Koree Manajimantii ittigaafatamtoota qaamolee tajaajiloota Kutaa Magaalaa kan of keessaa qabu ni gurmeessa; ni gaggeessa;
- 8) Hojjetoota qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa Kutaa Magaalicha keessa hojjetan bu'uura seeraatiin ni qaxara; ni bulcha; ni hooggana;
- 9) Hundeeffama qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa dhiyeessaniifi filannoo tooftalee dhiyeessii tajaajila adda addaa ilaalchisee Bulchaaf yaada ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
- 10) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyata jiraattotaan dhiyaatu iftoominaan ni keessummeessa; gaaffilee dhiyaataniif deebii hatattamaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

- 11) Tajaajiloota mana qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii yeroo yeroon Bulchaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 12) Hojiilee dabalataa biroo Bulchaa Kutaa Magaalaa Hoji-gaggeessaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

#### **44. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa**

Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Kutaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Itti Aanaa Hoji-gaggeessaafi qindeessaa damee ta'ee ni hojjeta;
- 2) Bakka Hojii Gaggeessaan Kutaa Magaalaa hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyeetti Hoji-gaggeessaa bakka bu'uun ni hojjeta;
- 3) Hojiiwwan biroo adda bahee Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni hojjeta.

#### **45. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Kutaa Magaalichaa**

Tarreeffamni waajjiraalee qaama raawwachiisaa Kutaa Magaalaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **46. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Aanaa Magaalaa**

- 1) Magaalaan Naannichaa Kutaa Magaalaa jalatti Aanaa Magaalaan gurmaa'uu kan danda'u Magaalichi Magaalaa sadarkaa Meetroopoolisiifi Riijiyoopoolis yoo ta'eedha.
- 2) Aanaan Magaalaa baay'ina ummanni magaalaan qabuufi ulaagaalee biroo Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaan murtaa'u yaada keessa galchuudhaan kan hundeeffamu ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Aanaa Magaalaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.
- 4) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **47. Aangoofi Hojii Aanaa Magaalaa**

Aanaan Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

- 1) Aangoofi hojii Kutaa Magaalaa qooddachuun ni hojjeta;
- 2) Giddugala misoomaafi hirmaannaa ummataa ta'uufi tajaajiloota sadarkaa Aanaa Magaalaatti kennamuu danda'aniif buufata ta'uun ni tajaajila;
- 3) Jiraattonni Aanaa Magaalichaa tajaajila dhiyeenyatti akka argatan haala ni mijeessa;
- 4) Seeronni hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; seera ni kabachiisa; ijaarsa seeraan alaa ni to'ata; nageenya Aanaa Magaalichaa ni eegsisa; Dambii Kabachiisaa ni qabaata;
- 5) Hojiiwwan hirmaannaa ummataatiin hojjetaman ni qindeessa; ni hordofa;
- 6) Hojiiwwan bu'uura misoomaa, qulqullinaafi bareedina magaalaa irratti hordoffiifi to'annaa ni gaggeessa;
- 7) Galii magaalaa ni sassaaba; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;
- 8) Qabeenya Aanaa Magaalichaa ni bulcha; ni to'ata;
- 9) Ragaalee barbaachisaa ta'an karaa ammayyaa'aatiin qindeessee ni qabata; qaama barbaaduufis qindeessee ni dabarsa;

- 10) Manneen Gandaa ni bulcha; ni to'ata; ragaa isaanii qindeessee ni qabata;
- 11) Tajaajilli iftominaafi si'oomina qabu kennamuu isaa ni hordofa;
- 12) Hojiiwwan biroo magaalaa yookiin Kutaa Magaalaa kennamuuf ni hojjeta.

#### **48. Mana Maree Aanaa Magaalaa**

- 1) Manni Maree Aanaa Magaalaa, Aanaa Magaalichaa keessatti abbaa aangoo ol'aanaadha.
- 2) Filannoon miseensota Mana Maree Aanaa Magaalaa waggaa shan shaniin kan gaggeeffamu ta'a.
- 3) Miseensonni Mana Maree Aanaa Magaalaa jiraattota Aanaa Magaalichaatiin karaa bilisa, kallattiifi akkaataa kenna sagalee iccitiitiin kan filataman ta'a.
- 4) Baay'inni miseensota Mana Maree Aanaa Magaalaa akkaataa seerota filannoo roggummaa qabaniin kan murtaa'u ta'a.
- 5) Barri hojii Mana Maree Aanaa Magaalaa wagga shan ta'a.
- 6) Ittiwaamamni Mana Maree Aanaa Magaalichaa, ummata Aanaa Magaalichaafi Mana Maree Magaalichaaf ta'a.

#### **49. Aangoofi Hojii Mana Maree Aanaa Magaalaa**

Manni Maree Aanaa Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Aangoofi hojii akkaataa Labsii kanaatiin Bulchiinsa Aanaa Magaalichaatiif kenname hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 2) Lafa Aanaa Magaalichaa keessatti argamu bu'uura seeraatiin buluu ni hordofa; ni to'ata;
- 3) Afyaa'iifi Itti Aanaa Afyaa'ii miseensota Mana Marichaa keessaa ni filata, akkasumas Ittigaafatamaa Waajjiraa miseensota Mana Marichaa keessaa yookiin miseensota Mana Marichaatiin alaa ni filata yookiin ni muuda; haala hojii isaas ni murteessa; Waajjira Mana Marichii ni hundeessa;
- 4) Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin yammuu dhiyaatuuf muudama Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa, Ittigaafatamtoota Waajjiraalee qaama raawwachiisaafi Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa ni mirkaneessa;
- 5) Koreewwan Dhaabbii Mana Marichaa ni hundeessa; miseensota isaanii miseensota Mana Marichaa keessaa ni moggaasa; haala hojii isaanii ni murteessa; koreewwan adda addaa aangoofi hojii Mana Marichaa hojiirra oolchuuf gargaaran ni hundeessa;
- 6) Karooraafi baajata waggaa Aanaa Magaalichaa dhiyaatuuf qoratee ni raggaasa;
- 7) Dambii keessoo adeemsa hojiifi naamusa miseensota Mana Marichaa ni baasa.

#### **50. Afyaa'iifi Itti Aanaa Afyaa'ii Mana Maree Aanaa Magaalaa**

- 1) Afyaa'iin Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa kan filatamu ta'ee, Ittiwaamamni isaa Mana Marichaatiif ta'a.
- 2) Barri hojii Afyaa'ichaa bara hojii Mana Marichaa ta'a.

- 3) Keewwata kana Keewwara Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, Afyaa'iin barri hojii isaa osoo hin xumuramin dura sababoota armaan gadiitiin muudama irraa ka'uu ni danda'a:
  - (a) Fedhii isaatiin hojicha yoo gadi lakkise;
  - (b) Ittigaafatamummaa isaa irraa Mana Marichaan yoo dhorkame;
  - (c) Miseensa Mana Marichaa ta'uun isaa yoo addaan cite; yookiin,
  - (d) Ittigaafatamummaa isaa qixa sirriin bahuu yoo dadhabedha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) jalatti kan tumame hojiirra ooluu kan danda'u Mana Maree Aanaa Magaalichaatti dhiyaatee yoo mirkanaa'e qofaadha.
- 5) Tarreeffamni raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a-d) Dambii Ittiin Bulmaata Manni Maree Aanaa Magaalichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

#### **51. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa**

- 1) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalichaa Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Aanaa Magaalichaan kan muudaman ta'a.
- 2) Tarreeffamni miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxeeff waloo ni qabaatu.
- 4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.
- 5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalichaafi Mana Maree Aanaa Magaalichaatiif ta'a.

#### **52. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Seerota, murtiiwwaniifi sadarkaalee Mootummaa Naannichaafi Mana Maree Magaalichaan bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa; ni hordofa;
- 2) Aanaa Magaalichaa keessatti Heeraafi sirna Heeraa, akkasumas seera ni kabachiisa;
- 3) Hojii mootummaa Aanaa Magaalichaa keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;
- 4) Karoorraafi baajata waggaa Aanaa Magaalichaa akkaataa karoora magaalichaafi Kutaa Magaalichaatiin walsimuun qopheessuun irratti mari'atee Mana Maree Aanaa Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Hojiiwwan biroo Bulchaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalaa irraa kennamuuf ni raawwata.

### 53. Bulchaa Aanaa Magaalaa

- 1) Bulchaan Aanaa Magaalaa miseensota Mana Marichaa keessaa yookiin Mana Marichaatiin ala Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalichaan kan moggaafamu yookiin muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Bulchaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaafi Mana Maree Aanaa Magaalichaatiif ta'a.
- 3) Barri hojii Bulchaa Aanaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.
- 4) Bulchaan Aanaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Baajataafi karoora waggaa Aanaa magaalichaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsaatiin erga irratti mari'atameen booda Mana Maree Aanaa Magaalichatiif dhiyessee ni raggaasisa; yammuu mirknaa'e hojii irra ni oolcha;
  - (b) Aanaa Magaalichaa keessatti seeraafi sirna ni kabachiisa; rakkoo nageenyaa humna Aanaa Magaalichaatiif ol ta'e yoo qunname Bulchaa Kutaa Magaalichaa ni beeksisa;
  - (c) Gabaasa Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalichaa irraa dhiyaatu ni dhaggeeffata; qoratee murtii ni kenna;
  - (d) Tajaajilonni mootummaa Aanaa Magaalichaatti kennaman si'oomina, hammayya'aafi qulqullina kan qaban ta'uu isaanii ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; Bulchaa Kutaa Magaalachiif ni gabaasa;
  - (e) Sirna kabaja ayyaana ummataa jiran irratti Aanaa Magaalichaa bakka ni bu'a;
  - (f) Gabaasa raawwii hojii yeroo yeroodhaan Mana Maree Aanaa Magaalichaafi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif ni dhiyeessa;
  - (g) Hojiiwwan biroo Mana Maree Aanaa Magaalaa, Mana Maree Bulchiinsaafi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin kennamaniif ni raawwata.

### 54. Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalaa

- 1) Itti Aanaan Bulchaa Aanaa Magaalaa miseensota Mana Marichaa keessaa yookiin alaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalichaatiin kan moggaafamu yookiin muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalaa, Bulchaa Aanaa Magaalichaatiif ta'a.
- 3) Barri hojii Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalichaa, bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.
- 4) Itti Aanaan Bulchaa Aanaa Magaalaa Aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Bakka Bulchaan Aanaa Magaalichaa hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyeetti bakka bu'uun ni hojjeta;
  - (b) Hojiiwwan biroo Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

### **55. Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa**

- 1) Hoji-gaggeessaan Aanaa Magaalaa dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Aanaa Magaalaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalaatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalichaafi Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

### **56. Aangoofi Gahee Hojii Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa**

Hoji-gaggeessaan Aanaa Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa Aanaa Magaalichaatti raawwataman ni hojjeta; ni raawwachiisa; ni hooggana; ni qindeessa;
- 2) Tajaajiloonni Aanaa Magaalichaa keessatti kennaman tooftalee adda addaatiin akka hojiirra oolan ni hojjeta; yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamame hojiirra ni oolcha;
- 3) Imaammanni, seeronnifi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaafi Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila Aanaa Magaalichaa keessatti hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
- 4) Karoora mana qopheessaa Magaalichaafi Kutaa Magaalichaa irratti hundaa' uun karoorra hojii mana qopheessaa Aanaa Magaalichaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Raawwii hojii isaa ilaalchisee Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaafi Bulchaa Aanaa Magaalaatiif gabaasa hojii ni dhiyeessa;
- 6) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyata jiraattotaan dhiyaatu iftoominaan ni keessummeessa; gaaffilee dhiyaataniif deebii hatattamaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 7) Tajaajiloota mana qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii yeroo yeroon Bulchaa Aanaa Magaalaatiif ni dhiyeessa;
- 8) Hojiilee dabalataa Bulchaa Aanaa Magaalaafi Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

### **57. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Aanaa Magaalaa**

Tarreeffamni waajjiraalee qaama raawwachiisaa Aanaa Magaalaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a

### **58. Hundeeffama Bulchiinsa Ganda Magaalaa**

- 1) Bulchiinsi Gandaa Labsii kanaan gurmaa'insa bulchiinsaa isa jalqabaa ta'ee, magaalota sadarkaa Muummeefi isaa gadi jiran keessatti kan hundeeffamu ta'a.
- 2) Bulchiinsi Gandaa gurmaa'insa aango mootummaa Mana Maree, Mana Maree Bulchiinsaafi Mana Murtii Hawaasummaa Gandaatiin kan gurmaa'u ta'a.
- 3) Baay'ina ummataafi ulaagaa hundeeffama Bulchiinsa Gandaa Dambii Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## 59. Aangoofi Hojii Bulchiinsa Gandaa

Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Naannichaatiin qaamolee Bulchiinsa Gandaatiif kenname akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Ganda Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Akkaataa sadarkaa magaalichaatiin aangoofi hojii magaalaa yookiin Kutaa Magaalaa qooddachuun ni hojjeta;
- 2) Giddugala misoomaafi bakka ummanni kallattiin irratti hirmaatuu ta'uufi tajaajiloota bu'uuraa sadarkaa Gandaatti kennamuu danda'aniif wiirtuu ta'uun ni tajaajila; jiraattonni Gandichaa tajaajila dhiyeenyatti akka argatan haala ni mijeessa;
- 3) Gandichi wiirtuu dhaabbilee daldalaa maayikiroofi xixiqqaa, misooma naannoo, barnoota bu'uuraafi sadarkaa tokkoffaa, akkasumas tajaajila eegumsa fayyaa bu'uuraa taasisuun ni hojjeta;
- 4) Seeronni hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; seeraafi sirna ni kabachiisa; ijaarsa seeraan alaa ni to'ata; nageenya Gandichaa ni eegsisaa; Dambii kabachiisaa ni qabaata;
- 5) Ragaalee adda addaa bifa ammayyaatiin qindeessee ni qabata; qaama dhimmichi ilaaluuf qindeessee ni dabarsa;
- 6) Hojiiwwan hirmaannaa ummataatiin hojjetaman ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara;
- 7) Hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa, qulqullinaafi bareedina magaalaa irratti to'annaafi hordoffii ni gaggeessa;
- 8) Galii magaalaa sadarkaa isaatti hayyamame ni sassaaba; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;
- 9) Qabeenya Ganda Magaalichaa ni bulcha; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 10) Manneen Gandichaa ni bulcha; ni to'ata; ragaa isaanii qindeessee ni qabata;
- 11) Tajaajiloonni sadarkaa Gandichaatti kennaman karaa iftomina, si'oominaafi qulqullina qabuun kennamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni deeggara; akka ammayyaa'uuf qaama dhimmi isaa ilaallatu wajjiin ni hojjeta;
- 12) Akkaataa sadarkaa magaalichaatiin hojiiwwan biroo magaalaa yookiin Kutaa Magaalaa yookiin Bulchiinsa Aanaatiin kennamuuf ni hojjeta.

## 60. Hundeeffama, Muudama, Ittiwaamama, Aangoofi Hojii Qaamolee Bulchiinsa Gandaa

- 1) Hundeeffama, muudama, ittiwaamama, bara hojii akkasumas aangoofi gahee hojii ilaalchisee tumaaleen Heera Mootummaa Naannichaa Mana Maree Gandaa, Mana Maree Bulchiinsaa Gandaa, Afyaa'iifi Itti Aanaa Afyaa'ii Gandaa, Bulchaafi Itti Aanaa Bulchaa Gandaa ilaallatan qaamolee Bulchiinsa Ganda Magaalaatiifis raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Hundeeffamni, muudamni, itti-waamamni, barri hojii akkasumas aangoofi hojii koreewwan dhaabbii Mana Maree Gandaa Dambii Keessoo Adeemsa Hojiifi Naamusa Miseensota Mana Maree Gandichaa baafatuun kan murtaa'u ta'a.



## **61. Hoji-gaggeessaa Bulchiinsa Ganda**

- 1) Hoji-gaggeessaan Bulchiinsa Ganda Magaalaa dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Gandaatiin dhiyaatee Mana Maree Gandichaatiin kan muudamu ta'a.
- 2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Ganda, Bulchaa Gandichaafi Hoji-gaggeessaa magaalaa yookiin Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

## **62. Aangoofi Gahee Hojii Hoji-gaggeessaa Ganda**

Hoji-gaggeessaan Ganda Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa Gandichatti raawwataman ni hojjeta; ni raawwachiisa; ni hooggana; ni qindeessa;
- 2) Tajaajiloonni Gandicha keessatti kennaman tooftalee adda addaatiin akka hojiirra oolan ni hojjeta; yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamame hojiirra ni oolcha;
- 3) Imaammanni, seeronniifi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaafi Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila Gandicha keessatti hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
- 4) Karoora mana qopheessaa Magaalichaa yookiin Kutaa Magaalichaa irratti hundaa' uun karoora hojii mana qopheessaa Gandichaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Raawwii hojii isaa ilaalchisee Hoji-gaggeessaa magaalaa yookiin Kutaa Magaalichaafi Bulchaa Gandichaatiif gabaasa hojii ni dhiyeessa;
- 6) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyata jiraattotaan dhiyaatu iftoominaan ni keessummeessa; gaaffilee dhiyaataniif deebii hatattamaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 7) Tajaajiloota mana qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii yeroo yeroon Bulchaa Ganda Magaalaatiif ni dhiyeessa;
- 8) Hojiilee dabalataa Bulchaa Gandaafi Hoji-gaggeessaa Magaalaa yookiin Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

## **63. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Bulchiinsa Ganda Magaalaa**

Tarreeffamni waajjiraalee qaama raawwachiisaa Bulchiinsa Ganda Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

### **Kutaa Afur**

**Hundeeffama Mana Murtii Idilee, Mana Murtii Hawaasummaafi Mana Murtii Aadaa**

## **64. Hundeeffama Mana Murtii Idilee**

- 1) Magaalonni Naannichaa akkaataa sadarkaa isaaniitiin Mana Murtii idilee qaama aangoo abbaa seerummaa qabu kan qabaatan ta'ee:
  - (a) Magaalonni sadarkaa Meetroopoolis, Rijiyoopoolisiifi Muummee Mana Murtii Aanaa Magaalaafi Manni Murtii Ol'aanaa ni qabaatu;
  - (b) Magaalota sadarkaa Ol'aanaafi isaa gadi jiran keessatti akkaatuma barbaachisummaa isaatiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa gaaffii dhiyaatu

irratti hundaa'ee qorannoo gaggeessuun Mana Murtii Aanaa Magaalaa kan gurmeessu ta'a.

- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Kutaalee Magaalaa Magaalota sadarkaa Meetroopoolis, Rijiyoopoolisiifi Muummee keessatti Manni Murtii aangoo abbaa seerummaa sadarkaa Mana Murti Aanaa qabu kan gurmaa'u ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (b) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dhimmoonni aangoo Mana Murtii Ol'aanaa ta'anii magaalota sadarkaa Ol'aanaafi isaa gadi jiran keessaa dhiyaatan, Mana Murtii Ol'aanaa Godina magaalichi keessatti argamuun kan ilaalaman ta'a.
- 4) Manni Murtii Aanaa Magaalaa tajaajila abbaa seerummaa ummataaf dhaqqabamaa taasisuuf sadarkaa Aanaa Magaalaatti Dhaddacha Dhaabbii yookiin Naannawaa hundeesuu ni danda'a.
- 5) Manneen Murtii idilee sadarkaa magaalatti gurmaa'an kamiyyuu caaseffamaafi hojimaata Manneen Murtii Naannichaa hordofuun ta'a.

#### **65. Hundeeffama Mana Murtii Hawaasummaa Magaalaa**

- 1) Manni Murtii Hawaasummaa sadarkaa Ganda Magaalaafi Aanaa Magaalaatti ni hundeeffama.
- 2) Ittiwaamamni Mana Murtii Hawaasummaa Ganda Magaalaa Mana Maree Gandichaaf ta'a.
- 3) Ittiwaamamni Mana Murtii Hawaasummaa Aanaa Magaalaa Mana Maree Aanaa Magaalaatiif ta'a.
- 4) Aangoofi hojiin seeraan Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaatiif kenname Manneen Murtii Hawaasummaa Gandoota Magaalaafi Aanaalee Magaalaatti hundeeffaman irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Murti Hawaasummaa Ganda Magaalaa yookiin Aanaa Magaalaa dhimmoota dambii darbuu Magaalicha keessatti raawwataman kanneen akka qulqullinaafi magariisummaa magaalaa, eegumsa naannoo, eegumsa fayyaafi kanneen biroo ilaallatan irratti aangoo ni qabaata.

#### **66. Mana Murtii Aadaa**

- 1) Manni Murtii Aadaa magaalota Meetiroopoolisiifi Rijiyoopoolis keessatti akkaataa barbaachisummaa isaatti sadarkaa Aanaa Magaalaatti Mana Murtii Aadaa Jalqabaa, akkasumas sadarkaa Kutaa Magaalaatti Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa hundaa'uu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Manneen Murtii Aadaa hundeeffaman akkaataa seerota Manneen Murtii Aadaa Naannichaa ro gummaa qabaniin kan gaggeeffaman ta'a.

## **Kutaa Shan**

### **Hariiroo Magaalaan Jiraattotaafi Qaamolee Biroo Waliin Qabaatu**

#### **67. Hariiroo Magaalichi Jiraattota Waliin Qabaachuu Qabu**

- 1) Maddi aangoo bulchiinsa magaalaa kamiyyuu ummata magaalichaati.
- 2) Miseensonni Mana Maree Magaalaa kan filatamaniifi ittigaafatamummaa irraa kaafaman ummata magaalichaatiin ta'a.
- 3) Ummanni Magaalaa bakka bu'oota Mana Maree Magaalichaatiif filate deebisee waamuu ni danda'a.

#### **68. Hirmaannaa Ummataa Mirkaneessuu**

Magaalaan kamiyyuu:

- 1) Jiraattota, waldaalee ummataafi dameewwan dhuunfaa magaalichaa sagantaa hojii, wixinee karooraafi baajataa, yaada pirojeektii, wixinee pilaanii magaalichaa, gabaasa raawwii hojii, faayinaansiifi odiitii irratti akka mari'ataniifi yaada kennan taasisuu qaba.
- 2) Yoo xiqqaate ji'a sadiitti yeroo tokko walatajjii jiraattonni, waldaaleen ummataafi dameewwan dhuunfaa magaalichaa dhimmoota magaalicha ilaallatan irratti hirmaachuun yaada kennuu akka danda'an haala mijeessuu qaba. Ta'us, walgahiin ummataa akkaataa barbaachisummaa isaatti yeroo kamiyyuu waamamuu ni danda'a.
- 3) Ummanni dhimmoota magaalichaa irratti teknoolojii ammayyaatti fayyadamuun akka hirmaachuu danda'u haala mijeessuu qaba.
- 4) Boordiiwwan yookiin koreewwan dhimma magaalichaa ilaalchisee hundeeffaman keessatti hirmaannaa jiraattota magaalichaa mirkaneessuu qaba.
- 5) Gaaffii yookiin komii ummanni dhiyeessuuf deebii yookiin furmaata saffisaa kennuu qaba.

#### **69. Walitti Dhufeenya Magaalaafi Aanaa Magaalaa yookiin Ganda Magaalaa Waliin Qabu**

- 1) Aangoon, hojiifi caaseffamni keessoo Aanaa Magaalaa yookiin Ganda Magaalaa qajeeltoo alwaalta'iinsaa bu'uura kan godhatu ta'ee, tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Manni Maree Aanaa Magaalaa yookiin Ganda Magaalaa dhimmoota hojii misooma Aanaa Magaalichaa yookiin Gandichaa wajjiin walqabatu irratti bulchiinsa magaalichaaf yookiin bulchiinsa Aanichaaf yaada dhiyeessuu ni danda'a.

## **Kutaa Jaha**

### **Hariiroo Magaalotaafi Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa**

#### **70. Qajeeltowwan Waliigalaa**

- 1) Magaalonna Naannichaa mirga ofiin of bulchuu ni qabaatu.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, sirni ittiwaamamaafi ittigaafatamummaa magaalonna Naannichaa Mootummaa

Naannichaatiif qaban qindoomina, waldeeggaruufi seeraa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

- 3) Hariiroon Mootummaa Naannichaafi magaalotaa karoora qindoomina qabuufi yaa'iinsa odeeffannoof haala kan mijeessu ta'uu qaba.

#### **71. Haala Mootummaan Naannichaafi Magaalonni Waldeeggaruun Itti Hojjetan**

- 1) Magaalaan aangoofi hojii isaa karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf qaamolee yookiin dhaabbilee Mootummaa Naannichaa waliin qindoominaan yookiin waliigaltee uumuudhaan hojjechuu ni danda'a.
- 2) Mootummaan Naannichaa barbaachisaa ta'ee yoo argame, magaalota keessatti qaamolee Mootummaa Naannichaa gurmeessuu yookiin aangoofi hojii Mootummaa Naannichaa ta'an hojjechuu ni danda'a.

#### **72. Seerotaafi Sadarkaalee Baasuufi Raawwachiisuu**

- 1) Magaalonni aangoofi hojii isaanii karaa guutuu ta'een akka raawwataniif Mootummaan Naannichaa seeraafi sadarkaalee barbaachisaa ta'an baasuun deeggarsa barbaachisaa ni taasisa.
- 2) Magaalonni seeronniifi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaatiin bahan kabajamuufi hojiirra ooluu isaanii mirkaneessuuf ittigaafatamummaa ni qabaatu.
- 3) Tumaaleen magaalaan bahan, murtiiwwan kennamaniifi hojimaanni magaalotaan diriiran imaammata, tarsiimoo, seerotaafi sagantaalee akka Naannoofi biyyaatti bahaniin kan walsiman ta'uu qabu.

#### **73. Haala Mootummaan Naannichaa Magaalota Itti Deeggaru**

- 1) Pirojeektota murtaa'an raawwachiisuuf deeggarsi Mootummaa Naannichaan kennamu akkuma eegametti ta'ee, Mootummaan Naannichaa waldorgommii, kenniinsa tajaajilaafi haqa qabeessummaa facaatii bu'uuraalee misoomaa bu'uureeffachuun deeggarsa misoomaa magaalotaaf ni taasisa.
- 2) Magaalonni giddugala misooma hunda galeessaa, daldalaa, turizimii, investmentiifi industirii, teknoolojiifi odeeffannoo ta'uun guddina Naannichaafi biyyaa keessatti shoora isaanii akka bahaniif Mootummaan Naannichaa xiyyeeffannoon ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara.

#### **74. Koree Waliinii Hundeessuu**

- 1) Walitti hidhamiinsa diinagdee, hawaasummaa, bulchiinsaafi bu'uuraalee misoomaa magaalotaafi baadiyyaa cimsuudhaaf magaalonni Bulchiinsa Aanaa isaan daangessu waliin koree waliinii hundeessuun dhimma waliinii irratti qindoominaan hojjechuu ni danda'u.
- 2) Waldhabiinsi Magaalaafi Aanaa yookiin Ganda baadiyyaa naannoo isaanii jiru waliin daangaa irratti uumamu hanga danda'ametti marii qaamolee lamaaniin furmaata argachuu qaba; qaama lamaaniin furmaata itti kennuun kan hin danda'amne yoo ta'e

Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa murtii dhumaa kan itti kennu ta'a.

#### **75. Haala Magaalonni Gabaasa Itti Dhiyeessan**

- 1) Magaalonni gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii kan kurmaanaa, walakkaa waggaa waggaa qaama ittiwaamamaniif dhiyeessuu qabu; gabaasa odiitii akkuma barbaachisummaa isaatti qaamuma magaalichi ittiwaamamuuf ni dhiyeessu.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin qaamni gabaasni dhiyaateef sirrummaa gabaasichaa mirkaneessuudhaaf gabaasa dhiyaateef yeroo yeroon gamaaggamuun duubdeebii kennuu qaba.

#### **76. Diigamuu Mana Maree Magaalaa**

- 1) Gocha Heera Mootummaa Naannichaas ta'e, kan Mootummaa Federaalaa balaa irra buusu raawwatameera jedhee yoo itti amane yookiin gochaa cimaa nageenya yookiin mirga namoomaa sarbu kan raawwatame yoo ta'eefi to'achuun kan hin danda'amne yoo ta'e, akkasumas gochi faayidaa jiraattotaa miidhu raawwatameera jedhee yoo itti amane Manni Maree Magaalichaa akka diigamu Caffeen murteessuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Manni Maree Magaalichaa kan diigame yoo ta'e, bulchiinsi yeroo Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin ni moggaafama; yeroo Caffeen murteessu keessatti filannoon haaraan akka gaggeeffamu qaama dhimmi ilaallatu waliin haalli ni mijaa'a; tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **Kutaa Torba**

#### **Baajata, Bulchiinsa Faayinaansiifi Qabeenya Humna Namaa Magaalotaa**

#### **77. Bara Baajataa**

Barri baajataa Magaalaa kamiyyuu bara baajataa Mootummaa Naannichaa ta'a.

#### **78. Madda Galii Magaalotaa**

- 1) Galiin Magaalotaa maddoota armaan gadii irraa ta'a:
  - (a) Gibiraafi taaksii seeraan hayyamameefi galii tajaajila kennu irraa sassaabamu;
  - (b) Deeggarsa baajataa Mootummaan Naannichaa taasisuuf irraa;
  - (c) Liqiifi gargaarsa adda addaa irraa;
  - (d) Hojiiwwan adda addaa galii argamsiisuu danda'an irratti hirmaachuun;
  - (e) Maddoota galii biroo kanneen akka qaraxa gabaa beeyiladootaa, madaba gabaa, kiraa mana mootummaafi qabeenyaa, buusii ummataa, kennaa adda addaa deeggartoota misoomaa irraa argamufi kan birooti.
- 2) Galiin idilee magaalonna sassaaban karoora galiifi baajataa waggaa naannoo irraa kennamuuf irratti hundaa'uun galii idilee baajata isaanii ol sassaaban keessaa hangam akka itti fayyadaman Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa kan murteessu ta'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

- 3) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa galii magaalonna Mana Maree mataa isaanii hin qabne sassaaban keessaa hanga maallaqaa misooma Magaalichaatiif ooluu qabu kan murteessuu ta'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 4) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa magaalota xiyyeeffannoo addaa barbaadu jedhee itti amaneef baajata dabalataa ramaduu ni danda'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (c) tiin liqin magaalotaan raawwatamuun dura barbaachisummaan isaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin murtaa'uu qaba.
- 6) Liqin magaalonna liqeffatan Mootummaa Federaalaa yookiin Naannichaa irraa, akkasumas dhaabbata faayinaansii seeraan beekamtii qabu irraa ta'ee, liqin haala kanaan argame baasii pirojeektota kaappitaalaaf qofa kan oolu ta'a.
- 7) Kutaan Magaalaa, Aanaan Magaalaafi Bulchiinsi Ganda akkaataa Keewwata kanaatiin liqeffachuu hin danda'an.
- 8) Haala liqiifi akkaataan kaffaltii isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.

#### **79. Sirna Faayinaansii Alwaaltawaa**

- 1) Sirni qoodinsa galii Kutaalee Magaalaa, Aanaalee Magaalaafi Bulchiinsa Ganda foormulaa dorgomummaafi bu'a qabeessummaa jajjabeessuufi haqa qabeessaa bu'uureeffateen raawwatamuu qaba.
- 2) Manni Maree Magaalaa Kutaalee Magaalaa, Aanaalee Magaalaafi Bulchiinsa Ganda isa jala jiraniif baajataa hojii addaa murtaa'eefi deeggarsaaf oolu ni kenna.
- 3) Deeggarsi baajata akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin taasifamu yammuu qoodamu kenniinsa tajaajilaafi haqa-qabeessummaa facaatii bu'uuraalee misoomaa tilmaama keessa galchuu qaba.
- 4) Manni Maree Magaalaa pirojektota haala addatiin jajjabeessuu barbaadu irratti baajata baasii barbaachisu uwwisuuf gargaaru qoodii galiin alatti Kutaalee Magaalaa, Aanaalee Magaalaa yookiin Bulchiinsa Gandaatiif deeggarsa addaa kennuu ni danda'a.

#### **80. Sirna Bulchiinsa Faayinaansiifi Qabeenyaa**

- 1) Baajanni magaalotaa karaa iftoomina qabuufi jiraattota hirmaachiseen qophaa'uu qaba.
- 2) Magaalaan kamiyyuu:
  - (a) Qabeenya magaalichaa sirnaan gurmeessuufi bulchuuf aangoofi ittigaafatamummaa ni qaba.
  - (b) Hojiiwwan faayinaansii magaalichaa sirna bulchiinsa faayinaansii Mootummaa Naannichaa hordofuun raawwachuu qaba.
- 3) Kantiibaan magaalaa gabaasa faayinaansii bulchiinsa magaalichaa waggaatti yeroo lama Mana Maree Magaalichaatiif ni dhiyeessa; ummataafis ifa ni taasisa.

- 4) Bulchaan Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Bulchiinsa Gandaa akkasumas Hoji-gaggeessaan Magaalaa Mana Qopheessaafi Mana Qopheessaa Guddattuu gabaasa faayinaansii magaalichaa yeroo yeroon qaama ittiwaamamniif ni dhiyeessu; ummataafis ifa ni taasisu. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 5) Magaalonna qophiifi raawwii baajataa akkasumas bulchiinsa faayinaansii irratti gahumsa fooyya'aa akka qabaatan Biiron deeggarsa barbaachisaa kan taasisuuf ta'a.

#### **81. Galmee Herregaa**

- 1) Magaalaan kamiyyuu galmee herregaafi harshameewwan maallaqaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.
- 2) Herregni magaalotaa waggaatti yeroo tokko Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaatiin yookiin qaama inni bakka buusuun odiitii ni taasifama.

#### **82. Sirna Odiitii Keessaa**

- 1) Magaalaan kamiyyuu odiitii keessaa ni qabaata.
- 2) Ittiwaamamni ogeeyyiifi ittigaafatamaa odiitii keessaa akkaataa Seera Bulchiinsa Faayinaansii rogummaa qabuun ta'a.
- 3) Odiitiin keessaa qabeenyi magaalichaa akkaataa seerota faayinaansii rogummaa qabaniitiin raawwatamuu isaa guyyaa guyyaan ni hordofa; ni deeggara; ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.

#### **83. Raawwatiinsa Seerota Bulchiinsa Hojjetoota Mootummaa Naannichaa**

- 1) Seerota birootiin addatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, fo'annoo, filannoo, qacarrii, mindaafi faayidaa murteessuu, sadarkaa guddinaa, ramaddii, jijjiirraa, gahee hojii tarreessuufi bulchiinsi humna namaa Magaalotaa bu'uura seerota Bulchiinsa Hojjetoota Mootummaa Naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hojjetootaafi hooggantoota mootummaa Magaalaa sadarkaa Meetroopoolisiifi Riijiyoopoolis keessa hojjetaniif haala addaatiin faayidaalee adda addaa murteessuu ni danda'a.
- 3) Qacarriin yookiin ramaddiin hojjetootaafi hooggantoota magaalaa kamiyyuu dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa bu'uureeffachuun raawwatamuu qaba.

#### **Kutaa Saddeet**

#### **Qophii Pilaanii Magaalotaa**

#### **84. Aangoo Pilaanii Magaalaa Qopheessuufi Raawwachiisuu**

- 1) Magaalaan kamiyyuu akkaataa seerota rogummaa qabaniin pilaanii Magaalaa qopheessuu, akka qophaa'uu taasisuu, raggaasuu, fooyyessuufi raawwachiisuuf aangoo ni qabaata.

- 2) Magaalonni kamiyyuu adeemsa qophii pilaanii keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa, istaandaardiifi sadarkaalee qophii pilaanii magaalotaa seerota pilaanii magaalotaa rogummaa qabaniin tumaman kabajuuf dirqama qabu.
- 3) Magaalota Mana Maree qaban keessatti aangoon pilaanii magaalaa raggaasiuu kan Mana Maree Magaalichaati.
- 4) Keewwata kana keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Magaalota Mana Qopheessaafi Mana Qopheessa Guddatuu keessatti pilaanii magaalichaa raggaasuun aangoo Mana Maree Aanaa ta'a.
- 5) Haalli Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 irratti ibsame kabajamuu isaa mirkaneessuuf Biiron qaama dhimmi ilaalu waliin pilaanii magaalichaa xiinxaluun akkaataa barbaachisummaa isaatti yaada fooyya'iinsaa itti dabaluudhaan Mana Maree Magaalichaaf yookiin Mana Maree Aanaaf akka dhiyaatu taasisuu ni danda'a.
- 6) Pilaaniin magaalotaa kamiyyuu Mana Mareetti dhiyaatee ragga'uun dura Inistitiiyuutii Pilaanii Magaalotaa Oromiyaatiin mirkanaa'uu qaba.
- 7) Hojiin misoomaa magaalaa keessatti gaggeeffamu kamiyyuu bu'uura pilaanii magaalichaatiin raawwatamuu qaba.
- 8) Sadarkaa Magaalootaafi barbaachisummaratti hundaa'uudhaan Mani Maree Bulchiinsaa Naannichaa caasaa qophiifi hojirra oolmaa pilaanii magaalotaa hayyamuu ni danda'a.

#### **85. Jiraattota Magaalaa Hirmaachisuu**

- 1) Jiraattoonni magaalaa qophii, fooyya'iinsaafi raawwii pilaanii magaalichaa irratti hirmaachuufi yaada isaanii kennuuf mirga ni qabu.
- 2) Magaalaan kamiyyuu sirnaafi haala jiraattoonni magaalichaa qophii, fooyya'iinsaafi raawwii pilaanii Magaalaa irratti gahumsaan hirmaataniifi yaada isaanii kennuu itti danda'an diriirsuu qaba.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, magaalonni pilaanii magaalaa isaanii yammuu qopheessan, fooyyeessaniifi hojiirra oolchan dhimmoota dantaa uummata naannawa magaalichaa jiraatan ilaallatan irratti uummatichaafi qaamolee mootummaa dhimmichi ilaallatu mariisuu qabu.

#### **Kutaa Sagal**

#### **Waldaa Magaalotaa**

#### **86. Hundeeffama**

- 1) Magaalonni Naannicha keessatti argaman kamiyyuu waldaa magaalota Naannichaa hundeeessuufi dammaqinaan keessatti hirmaachuu ni danda'u.
- 2) Waldaan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin hundeeffamu, qaama mootummaa Naannichaa dhimmi ilaallatuun galmaa'ee qaama seerummaa argachuu qaba.



3) Caaseffamniifi haalli hojiimaata waldichaa Barreeffama Hundeeffamaafi Dambii Ittiin Bulmaata waldichaatiin kan murtaa’u ta’a.

#### **87. Aangoofi Hojii Waldaa Magaalotaa**

Aangoofi hojiin Barreeffama Hundeeffamaafi Dambii Ittiin Bulmaata waldichaatiin kennameef akkuma eegametti ta’ee, waldaan magaalotaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Magaalota gidduutti qindoominni, waljijjiirran muuxannoofi yaadaa akka jiraatu ni hojjeta;
- 2) Magaalota bakka bu’uun dhimmoota waliinii irratti ni hirmaata; yaada ni kenna;
- 3) Leenjiifi deeggarsa meeshaalee adda addaa miseensota isaaf kennuudhaan dandeettiin raawwachiisummaa Magaalotaa akka cimuu ni hojjeta;
- 4) Beekamtii Biirichaatiin waldaalee magaalotaa biyya keessaa yookiin biyya alaa waliin hariiroo hojii ni uuma;
- 5) Kaayyoo isaa galmaan gahuuf beekamtii Biirichaatiin akkaataa seerota rogummaa qabaniin hojii galii argamsiisu irratti ni bobba’a;
- 6) Hojiiwwan biroo misooma magaalota Naannichaa ariifachiisuu danda’an ni raawwata.

#### **Kutaa Kudhan**

#### **Tumaa Magaalaafi Dambii Kabachiisaa**

#### **88. Aangoo Tumaa Magaalaa Baasuu**

Manni Marii Magaalaa imaammata, tarsiimoofi seerota Mootummaa Naannichaatiin bahan haala walsimuun dhimmoota magaalichaa armaan gadii irratti tumaa Magaalaa ni baasa:

- 1) Baajata waggaa bulchiinsa magaalichaa raggaasuuf;
- 2) Pilaanii bulchiinsa magaalichaa raggaasuuf;
- 3) Bu’uura Labsii kanaatiin dhimmoota aangoo bulchiinsa magaalichaa ta’an irratti qaraxaafi gibira murteessuuf, akkasumas kaffaltii tajaajilaa murteessuuf;
- 4) Hojiilee bulchiinsa magaalichaa keessatti akka hin raawwatamne dhorkaman irratti;
- 5) Dambii Keessoo Adeemsa Hojiifi Naamusa Miseensa Mana Maree Magaalichaa baasuu; fi
- 6) Waliigalteewwan adda addaa Magaalichaan raawwataman mirkaneessuudha.

#### **89. Hundeeffama Dambii Kabachiisaa**

Tokkoon tokkoon Magaalaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Bulchiinsa Ganda Magaalaa qaama dambii kabachiisaa lakkoofsi isaa akkaataa Magaalichaa, Kutaa Magaalichaa, Aanaa Magaalichaa yookiin Bulchiinsa Gandichaatiin garaagarummaa qabu ni qabaatu. Tarreeffamni isaa Dambii Keessoo Adeemsa Hojiifi Naamusa Miseensotaa Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa’u ta’a.

## **Kutaa Kudha Tokko**

### **Tumaalee Adda Addaa**

#### **90. Aangoofi Hojii Biiroo**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman, akksumas immaammata, tarsiimoofi seerota magaalota naannichaa ilaallatan hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni deeggara; ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 2) Dhimmoota magaalota ilaallatan irratti Mootummaa Naannichaa ni gorsa; qorannoofi qo'annoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 3) Karooraa fi gabaasa magaalota Meetroopoolis, Rijiyoopoolis, Muummeefi Ol'aanaa dhiyaatuuf ni gamaaggama; ni hordofa; ni deeggara;
- 4) Raawwii hojii Magaalota Naannichaa ilaalchisee Mootummaa Naannichaaf gabaasa ni dhiyeessa;
- 5) Lafti Magaalaa pilaanii magaalaa eegee qusannoofi faayidaa ol'aanaaf akka oolu ni hojjeta; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 6) Deeggarsa teekinikaafi meeshaalee magaalotaaf barbaachisu, akkasumas dhimmoota dandeettii raawwachiisummaa magaalotaa cimsan irratti yeroo yeroon qo'annoo ni gaggeessa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;
- 7) Gaaffii qaama seerummaa magaalummaa argachuuf jiraattoota irraa dhiyaatu simachuun ni xiinxala; ni murteessa; beekkamtii qaama seerummaa ni kenna;
- 8) Gaaffii sadarkaa magaalotaa guddisuuf magaalota irraa dhiyaatu simachuun ni xiinxala; yaada murtii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 9) Magaalonna Naannichaa magaalota biyya keessaafi biyya alaa waliin hariiroo akka uumaniifi cimsan deeggarsa barbaachisu ni taasisa;
- 10) Mootummaa Naannichaafi magaalota naannichaa gidduu hariiroon hojii gaarii akka jiraatu ni hojjeta.

#### **91. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu Labsii kana hojiirra oolchuuf dirqama deeggarsa kennuu ni qaba.

#### **92. Sirna Ittigaafatamummaa**

Namni tumaalee Labsii kana yookiin Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahu cabsee argame kamiyyuu badii raawwatame irratti hundaa'uun akkaataa seerota roggummaa qabaniin ittigaafatamummaa yakkaa, hariiroo hawaasaa yookiin bulchiinsaa ni qabaata.

### **93. Tumaalee Ce'umsaa**

- 1) Seeronnifi hojimaanni akkaataa Labsii duraan hojiirra tureen bahanii hojiirra jiran hanga seerota biraatiin bakka bu'aniifi Labsii kanaan walitti hin buunetti raawwatiinsi isaanii kan itti fufu ta'a.
- 2) Labsiin kun osoo hin bahin dura hojiiwwaniifi dhimmoonni eegalaman hundi akkaatuma seera duraaniitiin xumura kan argatan ta'u.
- 3) Magaalaan Aanaaf itti waamamaa ture sababa sadarkaan isaa fooyya'eef magaalichi akkaataa gurmaa'insaatiin Mana Maree qabaachuu osoo qabuu kan dhabe yoo ta'e, hanga filannoon Mana Maree marsaa itti aanuutti Manni Maree Aanichaa aangoo qabu irratti dabalataan aangoofi hojii Manni Maree Magaalichaa qabu kan raawwatu ta'a.

### **94. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu**

Labsiin kun ragga'uun dura mirgaafi dirqamni magaalonna qaban bu'uura Labsii kanaatiin kan itti fufu ta'a.

### **95. Aangoo Dambii Qajeelfama Baasuu**

- 1) Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Labsii kanaafi Dambii Labsicha raawwachiisuuf bahu raawwachiisuuf Biiron Qajeelfama baasuu ni danda'a.

### **96. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabanne**

- 1) Labsiin Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Lakkoofsa 195/2008 Labsii kanaan haqameera.
- 2) Labsiin Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 195/2008 Fooyyessuuf Bahe Labsii Lakkoofsa 196/2008 Labsii kanaan haqameera.
- 3) Labsii, Dambii, Qajeelfamoniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### **97. Yeroo Labsiin kun Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**

**Guraandhala 11 Bara 2015**

**Shimallis Abdiisaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**